Baafata

Qabiyyee Fuula

Boqonnaa 1 Abbaa Boloo ... 2

Boqonnaa 2 Irreecha ... 7

Boqonnaa 3 Dhibee Qufaa ...16

Boqonnaa 4 Namichaafi Buutii ... 22

Boqonnaa 5 Roobalee... 29

Boqonnaa 6 Ispoortii Aadaa ... 36

Boqonnaa 7 Mala Jaarsaa... 43

Boqonnaa 8 Cumboo ...51

Boqonnaa 9 Faaruu Odaa... 57

Booqonnaa 10 Abbaafi Ijoollee Torban ... 64

Boqonnaa 11 Kunuunsa Naannoo ... 68

Boqonnaa 12 Gabbisaa Ejjetaa... 76

Boqonnaa 13 Laga Hawaas ... 83

Boqonnaa 14 Faaruu Loonii ... 93

Boqonnaa 15 Abbabach Goobanaa ... 98

**Dursaa gareefi Gorsaa:** Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa:** Abarraa Kaasayee

**Qopheessitoonni:** Abdulqaadir Amaan
Abdussalaam Abbaa'olii
Dabalaa Tamasgeen
Darajjee Mokonnin
Eliyaas Aammee
Maammoo Mangashaa
Margaa Gammadaa
Muhaammad Indiriis

**Gulaalliifi seeccoo:** Muhaammad Namoo
Waaqgaarii Tasfaayee

**Giraafiksii:** Taaddasaa Dinquu

## BOQONNAA 1 ABBAA BOLOO (Wayitii 10)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa :**

- 🕮 Dubbisa osoo hindubbisin waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.
- 🕮 Odeeffannoo murtaa'oo dubbisa keessaa nibaasu
- 🕮 Ergaa waliigalaa dubbisaa nihubatu.
- 🕮 Bamaqaaleen dubbisa keessatti maal akka bakka bu'an adda baafatu.
- 🕮 Himoota walduraa duuba hineegne tartiibessuun keeyyata nibarreessu.

### Gilgaala 1 (Gilg. 1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisa dhiyaatee tilmaamuu shaakalu**

### Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni osoo dubbisatti hinseenin fakkii dhihaate akka ilaalan taasisuu.
- ✍ Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e ilaalchisee gaaffii dhihaate dubbisuun shaakala taasisuu
- ✍ Yaada barattootni kennan irra deemanii harkaa fuudhuu.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo murtaa'oo dubbisa keessaa baasuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

✍ Barattootni dubbisa dhihaate osoma dubbisaa jiraanii, bineensi kamtu kamiin nyaachuu akka dide fakkiiwwan dhihaatan gargaaramanii akka walitti firoomsan shaakalchiisuu.

## Deebii gilgaala 2

1. **Tuqaan** hidda nyaachuu dide
2. **Adurreen** tuqaa nyaachuu didde.
3. **Sareen** adurree nyaachuu dide.
4. **Waraabessi** saree nyaachuu dide.
5. **Leenci** waraabessa nyaachuu dide.

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisa keessaa yaada murtaa'oofi waliigalaa adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

✍ Barattoonni dubbisa Tapha Ijoollee jedhu dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi waliigalaa akka barbaadan shaakalsiisuu

- ✍ Barattoonni bamaqaaleen gurraacheffaman eenuyuun akka bakka bu'an dubbisa keessaa barbaaduu shaakalsiisuu
- ✍ Yommuu barattootni shaakalan gargaarsa barbaachisaa taasisuufii
- ✍ Barattootni waan shaakalan waljala fuudhanii akka walii mirkaneessan taasisuu
- ✍ Deebii barattootni kennaniif duubdeebii kennuufi

## Deebii gilgaala 3

1. c
2. waraabessa
3. c
4. b
5. Waaqa
6. b

- ✍ Gaaffii torbaffaafi saddeettaffaa barattootni dubbisa irratti hundaa'uun waan isaanitti dhagahame deebisuu danda'u.
- ✍ Kanaaf, yaada barattootaa irraa fuudhanii mariisisuu.

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kanaa keessatti barattoonni himoota tartiibessuun keeyyata barreessuu shaakalu**

## Ga'ee bariisaa

- ✍ Barattoonni himoota osoo walduraa duuba gochoota hineegin dhiyaatan tartiibessanii keeyyata ergaa guutuu qabu akka barreessan shaakalsiisuu
- ✍ Fakeenyi gilgaala kana keessatti kenname hima tokkoffaa akka ta'e itti himuu
- ✍ Akka barbaachisummaa isaatti barreeffama barattootni barreessan sororsuu

## Deebii gilgaala 4: 2,3,1,4,

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kanaa keessatti barattoonni odeeffannoo ijoo dubbisa keessaa baasuu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, ajaja gilgaalaa barattoonni dubbisanii akka hubatan gochuu.
- ✍ Itti aansuun, barattoonni odeeffannoo ijoo ta'an dubbisa keessaa akka baasan taasisuu.
- ✍ Odeeffannoo dubbisa keessaa baasan danaatti akka guutan gargaaruu.
- ✍ Deebii danaatti guutan waljala fuudhanii akka waliif sirreessan qjeelchuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 5

- waaqa
- nama
- leenca
- waraabessa
- saree
- adurree
- tuqaa
- hidda

## Gilgaala 6 (Wayitii 3)

Gilgaala kana keessatti barattoonni taphoota ijoollee kan beekan himuun waliin taphatu.

## Ga'ee barsiisaa

- Barattoonni taphoota ijoollee naannoo isaanitti beekan seera ittiin tapahatamu waliin akka golatti walitti himan taasisuu / shaakalsiisuu.
- Barattootni taphoota naannoo isaanitti beekan gareen akka walitti himaniif/ shaakalaniif haala mijeessuu.
- Yommuu barattootni tapha kana walitti himaniifi shaakalan keessa deemuun jajjabeessuu.

# BOQONNAA 2 IRREECHA (Wayitii 15)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e nitilmaamuu
- 🕮 Odeeffannoo callaafi dimshaashaa dubbisichaa adda nibaasu
- 🕮 Hiika jechootaa haala galumsa isaanii irraa nihubatu
- 🕮 Keeyyata himoota gaggabaaboo qaban nibarreessu
- 🕮 Maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa hima keessaa adda nibaafatu
- 🕮 Mata duree kennameef irratti hundaa'anii marii nigaggeessu; wal nifalmu

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 4)

**Gilgaala kanaa keessatti barattoonni dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e tilmaamuu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Dubbisa irreecha jedhu osoo hindubbisin, barattootni gaaffilee dubbisa duraa irratti deebii akka kennan taasisuu
- ✍ Barattootni yaada isaanii akka ibsan jajjabeessuu

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo callaa dubbisicha keessaa baasuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Qajeelfama gilgaalichaa sirriitti hubachiisuu
- ✍ Gabatee deebiin gilgaala lammaffaa keessatti guutamu dabtara isaanii irratti akka barreeffatan taasisuu
- ✍ Barattoonni odeeffannoo callaa akka addaan baafatan shaakalchiisuu
- ✍ Barattootni gaaffilee gabatee keessatti ka'aniif deebii guuttachaa akka dubbisan hubachiisuu
- ✍ Barattootni shakaalaa jiraachuu isaanii hordofuun shaakala isaanii akka hojjetan deeggaruu.
- ✍ Sana booda deebii sirrii ta'e kennuufii.

## Deebii gilgaala 2

Haati Golaa

- ☞ Caaccuufi
- ☞ Siinqee qabatti

Abbaan Gadaa,

- ☞ Bokkuufi
- ☞ Kallacha qabata

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni:**

- ✍ Odeeffannoo callaafi dimshaashaa dubbisa keessaa baasu
- ✍ Hiika jechoonni dubbisicha keessatti qaban adda baafatu
- ✍ Odeeffannoo dubbisa keessa jiru muuxannoofi yaada ofiitiin walsimsiisuun ibsuu shaakalu

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gaaffilee dubbisa keessaa bahanii dhihaatan barattootni dubbisisicha dubbisanii akka deebii sirrii ta'e kennaniif jajjabeessi
- ✍ Deebii barattootni kennan harkaa fuudhi.
- ✍ Deebii kenname irratti barattootaaf duubdeebii kenni

## Deebii gilgaala 3

1. b
2. b
3. c
4. b
5. Birraafi Arfaasaa
6. b
7. Namoota irreecha irratti hirmaatan
8. Deebii gaaffii (8$^{ffaa}$ fi 9$^{ffaa}$)

- ✍ Dubbisicharraa barattootni waan isaanitti toleefi maaliif akka isaanitti tole akka ibsatan taasisuu.

- ✍ Dubbisa dhihaaterraa maal akka baratan dareef akka dhiheessan taasisuu.
- ✍ Yaadaa barattootaa fudhachuun duubdeebii kennuu.

## Gilgaala 4 (Wayitii 1)

**Gilgaala kanaa kana keessatti barattoonni jechootaafi fakkii dhiyaate walitti firoomsu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattootni qajeelcha gilgaalichaa dubbisanii akka hubatan gargaaruu
- ✍ Jechootaafi mallattoolee dhuunfaan akka walitti firoomsan ajajuu
- ✍ Waan dhuunfaan dalagan akka gareen irratti mari'atan taasisuu
- ✍ Dhumarratti duubdeebii dareef kennuu

## Deebii gilgaala 4

1. b
2. c
3. d
4. a

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kanaa keessatti barattoonni jechoota tartiiba sirrii ta'een qindeessuun hima ijaari shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattootni jalqaba jechoota kennameef keessaa, jechoota qubee guddaan eegalan adda akka baafatan taasisuu
- ✍ Jechootni kun kan qubee xiqqaan eegalan waan ta'eef, qubee guddaan jalqabanii akka hima barreessan taasisuu.
- ✍ Kutaa keessa deemuun barattoota hordofuun kajeelchuu

## Deebii gilgaala 5

1. Irreechi ayyaana Oromooti.
2. Malkaan bakka irreeffannaati.
3. Irreechi tulluu birraa keessa kabajama.

## Gilgaala 6 (Wayitii 1)

**Gilgaala kanaa keessatti barattoonni gaaleewwan waliin deeman walitti fiduu hima guutuu taasisuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattootni gaaleewwan gabatee keessaatti adda bahanii taa'an walitti fiduun hima akka ijaaran barsiisuu.
- ✍ Gaaleewwan walcina gabatee keessatti tarreeffamanii jiran, barattootni dhuunfaan walitti fidaniii akka hima ijaaran shaakalsiisuu.
- ✍ Himoota ijaaran gargaaramuun keeyyata akka barreessan qajeelchuu.

- ✍ Himoota dhuunfaan ijaaran hiriyoota isaanii waliin waljala fuudhanii akka ilaalan gochuu.
- ✍ Barbaachisaa taanaan sororsuufii.

## Deebii gilgaala 6

- ☞ Sanyiin irreeffannaaf, malkaa bu'e.
- ☞ Guyyaa irreechaa, wayaa aadaa uffatu.
- ☞ Aadaa ofii kabajuun, ofkabajuudha.

## Gilgaala 7 (Wayitii 1)

**Gilgaala kanaa kana keessatti barattoonni jechoota dubbisa keessaa bahaniin hima mataa isaanii ijaaru**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni jechoota gabatee keessatti kennaman gargaaramanii dhuunfaadhaan akka hima ijaaraan taasisuu.
- ✍ Hima ijaaran irratti akka waliin mari'atan gochuu
- ✍ Hordoffii taasisuun akka isaan shaakalan jajjabeessuu
- ✍ Deebii kutaa kanaatiif, himoota garagaraa barattoonni ijaaran ilaalanii mirkaneessuun gaarii ta'a.

## Gilgaala 8 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waliin dubbii guutuun keeyyata barreessuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, barattoonni ajaja gilgaala kennamee akka hubatan taasisuu.
- ✍ Gaaffilee bifa waliin dubbiin dhihaate dhuunfaan akka guutan gochuu.
- ✍ Waliin dubbii dhuunfaan guutan gareen akka irratti mari'atan qajeelchuu.
- ✍ Erga guutanii booda, sana bu'uureeffachuun keeyyata akka barreessan taasisuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 8

- ☞ Waqtii Birraafi Arfaasaa
- ☞ Waqtii birraa
- ☞ Waktii arfaasaa
- ☞ Abbaa Gadaafi Haadha Caccuu
- ☞ Bokkuu, Kallacha, Caaccuufi Siinqee jiidhaa

Irreechi waqtii Arfaasaafi Birraa kabajama. Irreechi Malkaa waqtii Birraa kabajama. Irreechi Tulluu immoo waqtii Arfaasaa kabajama. Yeroo gara Irreechaa deemamu Abbaa Gadaafi Haadha Golaatu dura deema. Abbaan Gadaa Kallachaafi Bokkuu yoo qabatee deemu Haati Golaa immoo Caaccuufi Siinqee qabattee deemti. Dabalataan immoo namoonni martuu marga jiidhaa yookiin irreessa qabatanii deemu.

## Gilgaala 9 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana kana keessatti barattoonni maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa hima keessaa adda baafachuu shaakalu**

## Yaadannoo

- **Maqaa:** Maqaan moggaasa wantootaaf kennameedha. Karaa biraatiin, maqaan ittiin waamama waantotaati.
- **Ibsa Maqaa**: Ibsa maqaa jechuun maqaa booda dhufuudhaan maqaa sana kan ibsuudhha.
- **Bamaqaa:** Bamaqaan kan bakka maqaa bu'ee maqaa sana agarsiisuudha.

Fkn: Eebbiseen barattuu cimtuudha. Kanaaf, daree ishee keessaa tokkoffaa baate.

Eebbisee = Maqaa

cimtuu= ibsa maqaa

ishee= Bamaqaa

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jechoota geengoo keessa jiran maqaa garee isaanii jalatti barattootni akka ramadan taasisuu.
- ✍ Kutaa kana jalatti barattootni jechoota danaa keessaa filatan garee, maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa jalatti akka ramadan shaakachiisisuu.

## Deebii gilgaala 9

| <u>Maqaa</u> | <u>Bamaqaa</u> | <u>Ibsa maqaa</u> |
|---|---|---|
| Galgaloo | nuyi | dheeraa |
| Abdiisaa | ishee | bareedaa |
| Sooressaa | isaan | diimaa |

## Gilgaala 10 (Wayitii 1)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni keeyyata keessaa maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa adda baasuu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, barattoonni dubbisa kitaaba barataa irra jiru akka dubbisan gochuu.
- ✍ Dubbisicha keessa maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa dhuunfaan akka baasan taasisuu.
- ✍ Kan dhuunfaan hojjetan gareen akka irratti mari'atan gochuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 10

| <u>Maqaa</u> | <u>Bamaqaa</u> | <u>Ibsa maqaa</u> |
|---|---|---|
| Iftuu | isheen | miidhagaa |
| uffata | isaanis | qulqulluu |
| irreecha | isaanii | bareedaa |

# BOQONNAA 3 DHIBEE QUFAA (Wayitii 12)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Ergaa waliigalaa dubbisaa adda nibaasuu,
- 🕮 Hiika bakka galmaa dubbisa keessaa nitilmaamu.
- 🕮 Jechoota kennamaniin himoota ni'ijaaru,
- 🕮 Himoota tartiibessuun keeyyata nibarreessu.

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisa dhihaatee tilmaamuu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Ajaja kitaaba barataa irratti kenname akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Akkkaataa qufaan  nama tokkorraa nama biraatti ittiin daddarbu tilmaamsisuu.
- ✍ Mallattoo dhibeen qufaa namarratti mul'isu akka walitti himan gochuu.
- ✍ Yaada isaanii irraa fuudhuu. Ijoolleen waan isaanitti fakkaate jechuu danda'u.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni ergaa waliigalaa dubbisaa adda baasu**

- ✍ Ergaa waliigalaa dubbisichaa filannoowwan dhihaatan keessaa filachuun dura dybbicha ariitii keessa fiiganii akka barbaadan gochuu
- ✍ Sana booda,filannoo dhihaatan  keessaa murteessuu

## Deebii gilgaala 2

**1.C**

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Ergaa waliigalaa dubbisichaa haala naannoo isaaniitiin walqabsiisuun ibsu.
- ☞ Odeeffannoo callaa dubbisa keessaa baasuu
- ☞ Hiika jechootaa galumsa keessatti kennuu.

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba irratti ajaja kitaaba irratti dhihaatan akka  hubatan gochuu.
- ✍ Itti aansuun immoo, dubbisa dhihaate bu'uureeffachuun gaaffilee akka dhuunfaan hojjetan taasisuu.
- ✍ Erga dhuunfaan hojjetanii booda akka gareen walitti fidanii illalan gochuu.
- ✍ Yeroo isaan Yaada isaanii waliif dhiheessan gargaaruu.

✍ Dhumarratti, yaada isaanii irraa fuudhuun bakka barattoonni hubannoo hin argatiinitti irra deebi'uun akka isaan wal-hubachiisan gochuu, akkasummas, duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 3

1. b
2. a
3. afaaniifi funyaan
4. mallattoolee qufaa
5. (5 fi 6) yaada isaanii irraa fudhuu.
6. dhukkubsataa
7. gadi dhiifamuuf

## Gilgaala 4 (Wayitii 1)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni hiika faallaa jechoota walitti firoomsuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

✍ Jalqaba irratti, gaaffilee kitaaba isaanii irratti barreeffame sirriitti akka dubbisaniif haala mijeessuu.

✍ Ergaa dubbisanii booda faallaa jechoota kennamanii kanneen roga 'B 'jala jiran akka roga 'A' tti dhuunfaan akka firoomsanii barreessan gochuu.

✍ Yeroo isaan walitti fidanii barreessan gargaarsa barbaachisaa ta'e gochuufii.

✍ Akka isaan walirra barataniifis haala mijeessuu.

✍ Qabxiilee hubachuuf isaan rakkise immoo akka ifa ta'uuf ibsa kennuufi.

✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Deebii Gilgaala 4

dhibee → fayyaa

ganna → bona

qulqulluu → xuraa'aa

ho'aa → qorraa

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota walkeessa makaman tartiibessuun hima ijaaruu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataarratti kenname sirritti akka dubbisanii hubatan taasisuu.
- Fakkeenya kitaaba barataa irratti kenname gabatee gurraacha irratti barreessuun akka hubatan gochuu.
- Jechoota walkeessaa makamanii akka dhuunfaan tartiibessanii hima ijaaran gochuu.
- Itti aansuun hima barreessan akka walitti agarsiisan taasisuu..
- Dhumarratti, soroorsuun duubdeebii kennuufi

## Deebii gilgaala 5

1. Qufaan fayyaa namaa miidha.
2. Naannoo keenya qulqulleessuu qabna.

3. Qufaan hafuuraan namarraa namatti daddarba.
4. Yemmuu qufaanu huccuu qulqulluun afaan qabachuu qabna.

## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni jechoota kennamaniin himoota ijaaruu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, fakkeenya gilgaala jalatti kenname itti agarsiisuu.
- ✍ Jechoota hafan fayyadamuun dhuufaan akka hima ijaaran gochuu.
- ✍ Kan dhuunfaan barreessan akka walitti argisiisan qajeelchuu.
- ✍ Dhumarratti, soroorsuun duubdeebii kennuu.

## Gilgaala 7 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni himoota walkeessa makaman tartiibessuun keeyyata tokko ni barreessuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Himoota waljala fuudhamanii kitaaba barataa irratti dhiyaatan akka tartiibessan qajeelchuu.
- ✍ Erga tartiibessanii booda fakkeenya kenname bu'uura godhachuun keeyyata jalqabame akka xumuran  taasisuu.
- ✍ Dhumarratti, sororsuun duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 7:  2, 5, 1, 3, 4

Simboofi Boonsaan bakka balfi jirutti taphataa oolan. Achumaan isaan lachuu tasa qufaan qabaman. Qufaan kunis daran itti cime. Kana booda maatiin isaanii mana yaalaa geessan. Dhumarrattis, ogeessi fayyaa qoricha laateefi lamuu akka bakka balfi jirutti hintaphanne gorse.

## Gilgaala 8 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni Keeyyata jalqabame xumuruu shaakalu**

- ✍ Jalqaba, barattoonni  keeyyata jalqabamee hin xumuramin jiru dubbisiisuu.
- ✍ Itti aansuun dubbisa dhiyaatee ture keeyyata 3ffaa akka irra deebi'anii dubbisan gochuu.
- ✍ Booda, odeeffannoo dubbisa keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun keeyyata yaanni isaa rarra'ee hafe akka gareen barreessanii xumuran taasisuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 8

Qufaan karaalee adda addaatiin namarraa namatti daddarbuu danda'a. Isaan keessaa tokko hafuuraan nama qufaan qabamerraa kan biraatti darbuudha. Inni biraa, <u>meeshaa namni qufaan qabame itti fayyadame  osoo</u> <u>hinqulqulleesin itti fayyadamuun daddarbuu danda'a</u>.

## BOQONNAA 4 NAMICHAAFI BUUTII (Wayitii 10)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Ergaa waliigalaafi callaa dubbisichaa nibaasuu
- 🕮 Hiika jechoota tishoo dubbisaa keessaa ni hubatu;
- 🕮 Sirna tuqaalee keessa faayidaa tuqaa, mallattoo gaaffiifi qoodduu adda baafatu
- 🕮 Himoota walkeessa makamanii dhiyaatan nitartiibessu

### Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni waa'ee dubbisa dhihaatee ni tilmaamu.**

### Ga'ee barsiisaa

- ✍Ajaja kitaaba barataa irratti kenname akka dubbisan taasisuu.
- ✍Wanta buutiifi namicha gidduutti uumamuu danda'an akka fakkii ilaalanii tilmaaman gochuu. Yaada isaanii irraa fuudhuun gabatee irratti barreessuufii.
- ✍Sanaa booda kallattummaan gara dubbisaatti akka deeman taasisuu.

### Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessattii barattoonni ergaa waliigalaafi murtaa'aa dubbisaa adda baasuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba, gaaffiiwwan kitaaba barataa irratti dhiyaatan dubbisiisuu.
- ✍ Yommuu dubbisanis deebii gaaffilee dhuunfaan hojjechuun dabtara isaanii irratti akka barreeffatan itti himuu.
- ✍ Waan dhuunfaan hojjetan gareen akka hojjetan taasisuu.
- ✍ Yeroo barattoonni waliin hojjetan akkaataa isaan itti hojjetan itti agarsiisuu; deeggarsa barbaachisaa ta'ees taasisuufii.
- ✍ Bu'aa hojii isaanii akka waliif dhiheessan gochuu.
- ✍ Iddoo barattoonni hubannoo itti hin argatiin irra deebi'uun hubachiisuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 2

1. b
2. a

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessattii barattoonni :**

- ✍ **Ergaa waliigalaafi murtaa'aa dubbisaa adda baasu**
- ✍ **Hiika jechootaa haala galumsaan nitilmaamu**

- ✍ Jalqaba, dhuunfaan hojjechuun dabtara isaanii irratti akka barreeffatan itti himuu.
- ✍ Waan dhuunfaan hojjetan gareen akka hojjetan taasisuu.
- ✍ Yeroo barattoonni waliin hojjetan akkaataa isaan itti hojjetan itti agarsiisuu; deeggarsa barbaachisaa ta'ees kennuufii.

- ✍ Bu'aa hojii isaanii akka waliif dhiheessan gochuu.
- ✍ Bakka isaan hubannoo itti hin argatiin irra deebi'uun hubachiisuufi
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Deebii gilgaala 3

1. b
2. b
3. c
4. araarsuu
5. nama gaarii, kan namaaf yaadu
6. Deebiin gaaffii 6^ffaa fi 7^ffaa deebii banaati. Innis dubbisa kana keessaatti waan barattoota gammachiiseefi irraa baranne jedhan mara ta'uu danda'a.

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni jechoota waliin deeman (tishoo) uumuu.**

### Yaadannoo

**Jecha tishoo**

Jecha tishoo jechuun jechoota gara garaa lama kan hiika mataa mataa isaanii qaban walitti dhufuun jecha hiika mataa isaa qabu kan biroo uumaniidha.

Fkn: Mataa + duree = mataduree

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Yaadannoo kenname kanas, gabatee gurrachaa irratti barreessuun sirriitti hubachiisuu.
- ✍ Itti aansuun gaaffilee kitaaba isaanii irratti barreeffame sirriitti akka dubbisaniif haala mijeessuu.
- ✍ Yommuu firoomsan immoo akka fakkeenya kennameetti walitti fidanii akka barreessan taasisuu / jecha tishoo akka uuman gochuu.
- ✍ Yeroo isaan walitti fidanii barreessan gargaarsa barbaachisaa ta'e gochuufii.
- ✍ Akka isaan walirraa barataniifis haala mijeessuu.
- ✍ Qabxiilee hubachuuf isaan rakkise immoo akka ifa ta'uuf gochuu.
- ✍ Dhumarratti, jechoota kana fakkaatan manatti hojjetanii akka dhufan ajajuu.
- ✍ Wayita itti aanu immoo barattoota hojii manaa kennameef hojjechuufi hojjechuu dhiisuu isaanii ilaaluufi duubdeebii kennuu.

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni faayidaa tuqaa, mallattoo gaaffiifi qoodduu addaan baasu**

## Yaadannoo

- ☞ Tuqaa: tuqaa jechuun mallattoo xumura himaatti galtee nu tajaajiltuudha. Karaa biraatiin buufat himaa jedhamtees ni beekamti.

  Fkn: Yaanneet baratuu cimtuudha.

- ☞ Mallattoo gaaffii: Mallattoo gaaffii jechuun gosa sirna tuqaalee keessaa tokkodha. Innis, dhuma hima gaaffii ta'e galee nu tajaajila.

  Fkn: Maaliif mana barumsaa oolte?

- ☞ Mallattoo qoodduu: Mallattoon qoodduus gosa sirna tuqaalee keessaa tokko ta'ee, wantoota walitti aananii tarreeffaman addaan qooduuf nu tajaajila.

  Fkn: Sanyii, Wabiifi Hiikaan ilmaan abbaa tokkooti.

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Faayidaa mallattoo tuqaa, gaaffiifi qoodduun qabu fakkeenya gabatee gurraacharratti kennuun akka hubatan taasisuu.
- ✍ Gaaffilee kitaaba barataa irratti barreeffaman dhuunfaan akka dalagan gochuu.
- ✍ Sana booda, gareen akka walmari'atan taasisuu.
- ✍ Yeroo isaan gareen hojjetan deeggarsa barbaachisaa ta'e taasisuufii, haalota adda addaas mijeessuufii.

- ✍ Waan isaan hojjetan tuqaaleee sirriitti fayyadamuu isaanii mirkaneeffachuu. Yoo barbaachisaa ta'e, hojii isaanii sororsuufii.
- ✍ Bakka barattootaaf ifa hintaane irra deebi'uun hubachiisuu.
- ✍ Dhumarratti, hubannoo ga'aa akka argataniif hojii manaa kana fakkaatan kan biroo kennuufii.

## Deebii gilgaala 5

1. Sardiidoon bineensa bosonaati.
2. Eenyutu laga ce'uu dadhabe?
3. Finfinnee, Dirree Dhawaafi Harar magaalota Oromiyaati.
4. Jaarsoliin  maaliif oduu durii *himuu* jaallatu?
5. Abdii, Boonsaa, Laliseefi Toltuun oduu durii dareetti  waliitti himan.

## Gilgaala 6 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni himoota waljala fuudhaman tartiibeessuun keeyyata barreessu**

- ✍ Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataa irratti kennaman hubachiisuu.
- ✍ Gaaffilee kitaaba barataa irratti barreeffaman  dubbisiisuu.
- ✍ Himoonni waljala fuudhamanii barreeffamuu isaanii itti himuu.
- ✍ Himoota waljala fuudhamanii kitaaba barataarratti dhiyaatan dubbisaa akka barreeffatan qajeelchuu.
- ✍ Odeeffannoo dubbisa keessa jiru irratti hunda'uun himoota dhiyaate akka tartiiba qabsiisan gargaaruu.

- ✍ Itti aansuun, tartiiba sirriitiin himoota qindeeffachuu isaanii hordofuu.
- ✍ Himoota qindeeffame  akka keeyyata tokko taasisan gochuu.
- ✍ Yeroo isaan keeyyata barreessan gargaaruu.
- ✍ Seeraan barreessuu isaanii sirritti ilaaluu
- ✍  kaayyoo kana mirkaneeffachuu isaanii madaaluu. Bakka barataan hubannoo hin argatinitti irra deebi'uun hubachiisuu.
- ✍ Dhumarratti, Hojii manaa kana fakkaatu akka hojjetanii dhufan taasisuu.

## Deebii gilgaala 6:  7, 5, 2,4,6, 1,3

Buutiifi namichi lagatti walitti dhufan. Buutiinis namichi akka laga ceesisu gaafatte. Innis laga ceesise. Sana booda, buutii gateettii irraa bu'uu didde. Namichis sardiddatti jaarsummaa himate. Sardiidonis buutii malaan namicharraa buuste. Dhumarratti, namichi buutii ajjeesse.

## BOQONNAA 5 ROOBALEE (Wayitii 10)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Waa'ee dubbisaa tilmaamu
- 🕮 Ergaa callaafi dhimshaashaa dubbisa baasuu
- 🕮 Barruu dubbifamu dhaggeefatanii jechoota sagalee dheeraa, gabaabaa, jabaafi laafaa qaban barreessuu
- 🕮 Barruu dubbifamu dhaggeeffachuun qabxiilee ijoo qabachuu
- 🕮 Dubbisa dhaggeeffatanii keeyyata barreessuu

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni ergaa dubbisaa tilmaamu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gaaffilee gilgaala kana jalatti dhihaate barattootni akka dubbisan taasiuu
- ✍ Deebii barattoonni kennan harkaa fuudhanii gabatee irratti barreessuu
- ✍ Gilgaala kana jalatti deebiin sirriidha jedhamu hinjiru

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessattii barattoonni odeeffannoo murtaawaa dubbisa keessaa baasuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattootni osoo dubbisatti hinseeniin, gaaffilee gilgaala kana jala jiran osuma dubbisanii akka deebii kennan itti himuu.
- ✍ Barattootni dubbisa dhihaate callisaan akka dubbisan qajeelchuu
- ✍ Barattoonni hojii kennameef raawwacha jiraachuu isaanii keessa deemii mirkaneeffachuu.

## Deebii gilgaala 2

1. Meeshaa isaan gargaaru waan bichisiiseef
2. Afaan mallattoo akka baratuuf ogeessa waan fichichisiise

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessattii barattoonni odeeffannoo murtaawaafi dimshaashaa dubbisa keessaa baasuu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni gaaffilee dubbisa keessaa bahanii gilgaala kana jalatti dhihaataniif deebii akka kennan shaakalchiisiisuu.
- ✍ Barattotni hojicha hojechaa jiraachuusaanii keessa deemii mirkaneessuu
- ✍ Deebii barattootni kennan harkaa fuuchuu
- ✍ Barattootni deebii dhuunfaan deebisan waljala fuudhanii akka waliif mirkaneessan taasisuu
- ✍ Dhumarratti duubdeebii barattootaaf kennuu

## Deebii gilgaala 3

1. soba
2. a
3. wiilcharii
4. Qaama miidhamtoota sadi.

    - ✍ qarodhabeessa,
    - ✍ afaaniin dubachuu kan hindandeenye,
    - ✍ miillaan deemuu kan hindandeenye

## Gilgaala 4 (Wayitii 1)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni odeeffaannoo dubbisichaa ilaalcha keessoo ofiin walsimsiisuu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gaaffiile gilgaalaa kana irratti barattootni yaada isaanii akka ibsan hirmaachisuu
- ✍ Yaada barattootni kennan harkaa fuudhuu

**Hubachiisa** :- Gaaffilee gilgaala kana keessatti dhihaataniif deebii dhaabbataaan hinjiru.

## Gilgaal 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni jechoota dubbifamuuf dhaggeeffachuun garee jechootaa isaanii jalatti ramaduu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jechoota dubbifamu barattootni sirriitti akka dhaggeeffatan qajeelchuu.
- ✍ Jechoota qophaa'e qajeelcha barsiisaarraa barattootaaf dubbisuu.
- ✍ Yemmuu jechootni dubbifaman barattootni dhaggeeffatanii akka garee sagalee jechootaa jalatti guutan taasissu.
- ✍ Erga barattootni deebii dhuunfaan guutanii booda, dabtara jaraa waljala fuudhuun akka waliif mirkaneessan taasisuu.
- ✍ Sana booda, duubdeebii dareef kennuu.

## Jechoota barattootaaf dubbiffaman

| Sagalee gabaabaa | Sagalee dheeraa | Sagalee laafaa | Sagalee jabaa |
|---|---|---|---|
| kana | Kora | isheen | dhaabbata |
| sangaa | Hora | kubbaa | dhala |
| magaalaa | Caalaa | mala | fala |
| jirti | mootummaa | saba | baadiyyaa |
| jiraataa | Beeka | kuma | jaalladhaa |
| bara | Hunada | bite | lammii |

## Deebii gilgaala 5

| Sagalee gabaabaa | Sagalee dheeraa | Sagalee laafaa | Sagalee jabaa |
|---|---|---|---|
| kana | isheen | kora | dhaabbata |
| hunada | magaalaa | fala | mootummaa |
| Hora | caalaa | mala | inni |
| dhala | sangaa | saba | baadiyyaa |
| kuma | beeka | jirti | jaalladhaa |
| bara | jiraataa | bite | lammii |

## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni hima ijaaruu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni jechoota gabatee kessatti barreessaniin hima akka ijaaran shaakalsiisuu
- ✍ Hojii barattootaa hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaaruu.
- ✍ Deebii barattoonni kennaniif duubdeebii kennuu

## Deebii gilgaala 6

1. Caalaan sangaa hora obaase.
2. Lammii hunda jaalladhaa.
3. Inni baadiyyaa jiraata.

4. Isheen magaalaa jiraatti.
5. Inni mala beeka.

## Gilgaala 7 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessattii barattoonni dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa gabatee guutuun booda keeyyata barreessuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Bartattoonni dubbisa dhihaate akka dhaggeeffatan taasisuu.
- ✍ Yeroo dubbisa jalqabaa akka sirritti dhaggeeffatan gochuu.
- ✍ Yeroo dubbisa lammaffaa akka odeeffannoo guuttatan taasisuu.
- ✍ Yeroo dubbisa sadaffaa immoo akka odeeffannoo guuttatan fayyadamuun keeyyata akka barreessan shaakalsiisuu
- ✍ Keeyyata barattootni barreessan ilaaluun duubdeebii kennuufii

## Dubbisa barattootaaf dubbiffamu

Ifaan barataa kutaa arfaffaati. Garuu, qarodhabeeyyiidha. Ifaan barataa cimaadha. Qarodhabeeyyii ta'ullee barattootuma qaroo ta'an waliin dorgomee tokkoffaa ba'a. Mana barumsaa keessatti barsiisonni baay'ee isa jaallatu. Warri Ifaa harkaqalleeyyii waan ta'aniif, rakkatee barata. Garuu, barnoota waan jaalatuuf cimee qo'ata.

Ifaan mana barumsaa keessatti gumiin barattoota qaama miidhamtootaa akka dhaabbatu taasise. Gumiin kun barattoota qaama miidhamtoota gargaara.

Fakkeenyaaf barattoota qarodhabeeyyii ta'aniif Bireelii irratti barreessan bite. Bireeliin dabtara namoonni qarodhabeeyyii ta'an irratti barreessaniidha. Qaama miidhamtoota biroof meeshaalee hedduu argamsiise.

Bara kanallee Ifaan dorgommii barattoota dareewwan arfaffaa jidduutti taasisameen tokkoffaa ba'e. Boodarra mana barumsa isaa bakka bu'ee dorgommii aanallee moo'ate. Waan tokkoffaa ba'eef, badhaasa kitaabilee bireelii hedduu argate. Ifaan kitaabilee kanniin barattoonni biroos akka itti fayyadama gumii qaama miidhamtootaaf kenne.

Biiroon barnoota aanaa isaas Ifaan waan cimaa ta'eef, Sabbata deemee akka baratu murteesse. Sabbanni bakka manni barumsaa qarodhabeeyyii itti argamuudha. Ifaan Sabbatatti achuma bulee, achumaa nyaatee barata. Meeshaaleen barnoota kanneen akka bireeliifi teeppii waan jiraniif itti tolee barata. Ifaan fuulduratti gaafa barnoota fixe, ogeessa fayyaa/hakimii ta'uu barbaada.

## Deebii gilgaala 7

| maqaa barataa | kutaa isaa | cimaa moo dadhabaa | meeqaff aa ba'e | gumii dhaabe | mana barumsa qarodhabeeyyii |
|---|---|---|---|---|---|
| **Ifaa** | 4[ffaa] | cimaa | 1[ffaa] | Gumii qaaman miidhamtootaa | Sabbata |

Ifaan barataa kutaa afraffaati. Ifaan barataa cimaadha. Innis kutaa isaa keessaa sadarkaa tokkoffaa bahe. Mana barumsichaattii gumiin qaama miidhamtootaa akka dhaabbatu taaisise. Dhumarratti mana barumsa qaroodhabeeyyii sabbataa seenuun barnoota isaa itti fufe.

# BOQONNAA 6 ISPOORTII AADAA (Wayitii 12)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Dubbisa tokko osoo hindubbisin dura nitilmaamuu.
- 🕮 Odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisa keessaa adda nibaasuu
- 🕮 Jechoota iddoo sirriitti guutu nishaakalu.
- 🕮 Jechoota tartiiba sirriin hima ijaaruu danda'u.
- 🕮 Akkaataa himoonni duraa duubaan tartiibeffamanii keeyyata itti ta'an nihubatu.
- 🕮 Hubannoo dubbisa kessaa aragataniifi muuxannoo isaanii walbira qabuun nimadaalu.

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisa tokkoo osoo hindubbisiin dura tilmaamuu shaakalu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni ispoortii aadaa naannoo isaaniitti beekana gareen akka walitti himan taasisiuu
- ✍ Ispoortiin aadaa faayidaa maalii akka qabu waan beekan akka walitti himan jajjabeessuu

- ✍ Walumaagalatti, gaaffiiwwan shaakala dubbisa duraa jalatti barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu sodaa malee waan beekaniifi faayidaa ispoortii aadaa akka tilmaama isaanii walitti himan jajjabeessuufi gargaaruudha.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo callaa dubbisa keessaa nibaasu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Akaakuun ispoortii aadaa ijoollotaafi dargaggootaan, akkasumas ga'eessotaafi jaarsoliin taphataman dubbisa keesatti dhiyaataniiru.
- ✍ Kanaaf barattoonni dubbisaa dhuunfaan akka gabatee guutan taasisu.
- ✍ Sana booda waan isaan guutan sirrii ta'uu isaa akka walitti himan agarsiisan godhuu
- ✍ Dhumarratti yaada callaa guutan akka mirkaneeffataniif barattoonni akka ka'anii himan taasisuu

## Deebii Gilgala 2

| Tapha ijoolleefi dargaggootan taphataman | Tapha ga'eessotaafi Jaarsoliin taphataman |
|---|---|
| waldhaansoo, | qillee, |
| fiigichoo, | walharkisoo, |
| kollee, | farda gulufsiisuu, |

| | |
|---|---|
| finqilaachoo, | bishaan daakuu, |
| Darbachoo | dhagaa qeeruu, |
| Mucucoo | ulfaatina ol kaasuu |
| shunguluullee, | Saddeeqa |
| geengoo dha'uu, | |
| Furguggee | |

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo callaafi yaada dimshaashaa dubbisa keessaa nibaasu.**

- ✍ Gaaffilee dhiyaatan akka dubbisanii deebisaniif daqiiqaa 5-7 kennuufii.
- ✍ Itti fufee, dubbisa dhiyaate qalbiin dubbisaa gaaffilee dhiyaate dhuunfaan akka deebisan taasisi. Deebii deebisanis, akka waliif mirkaneessan dabtara isaanii waljijjiirsisuu.
- ✍ Erga waliif sorooranii walitti dhufanii akka gareen mariyatan godhuu.
- ✍ Sana booda garee keessaa bakka bu'aan akka kutaaf dhiyeessu taasisuun deebii isaanii mirkaneessiif.

## Deebii gilgaala 3

1. a
2. Qaama cimsa, sammuu cimsa, dorgomtoota giddutti miira dorgommii uuma, obsaafi hamilee cimsa, aadaafi eenyummaa hawaasaa ceesisa.

3. c

4. b

5. a

## Gilgaala 4 (Wayitii 1)

**Gilgaala kana keessatti barattoonnii hubannoo dubbisa kessaa aragtaniifi muuxannoo isaanii walbira qabuun ibsu.**

- ✍ Tokkoon tokkoon isaanii waan dubbisa irraa baratan akka walitti himan taasisuu.
- ✍ Barattooonni gosoota ispoortii aadaa dubbisa keessatti ibsaman keessaa caalaatti isa kam akka jaallataniifi sababa jaallataniif akka dareef himan godhuu.

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota iddoo sirriitti qalchuun keeyyata guutuu taasisuu shaakalu**

- ✍ Kaayyoon gilgaala kanaa, odeeffannoo ceesisuu ta'ee yaada waltti fiduun bakka duwwaa guutuu yookaan barreessuu barattootaa guddisuufidha.
- ✍ Kanaaf keeyyata dhiyaate dubbisaa bakka duwwaa irratti jechoota akka guutan taasisuu.
- ✍ Jechoota iddoo sirrii ta'etti guutuu akka dandaa'aniif lama lama ta'anii akka waliin hojjetan taasisuu.
- ✍ Erga hojjetanii booda ka'anii dareef dubbisuun akka waliif sirreessan godhuu.

## Deebii Gilgaala 5

Taphni saddeeqaa bakkaafi seera ittiin taphatamu qaba. Jalqaba, bakki itti taphatamu, dhakaa diriiraa, lafa walqixxee yookaan muka battee irratti boolli shan shan qophaa'a. Itti aansuun, taphattoonni lama gamaa gamana taa'uun bakka qabatu. Isaanis saddeeqa afur afur boolla qophaa'etti naannessaa tokko tokkoon buusu. Haala kanaan, hanga saddeeqni boolla morkataa tokkootti naqamee dhumutti morkiin nigodhama. Dhumarratti, namni moo'ame dabaree isaa eeggatee injifachuuf yaalii cimaa godha.

## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonnii jechoota tartiiba sirriin hima ijaaru.**

✍ Gilgaala kana jalatti jechoonni walkeessa makamanii tartiiba sirrii ta'een hindhiyaanne. Kanaaf, tartiiba eeganii akka dhuunfaan sirreessanii hima ijaaran jajjabeessuu.

✍ Hojii barreessuu isaanii erga xumuranii akka gareen waliif sirreessan taasisuu.

✍ Erga gareen hojjetanii barattoota keessaa nama shan fedhii isaaniin filadhuutii deebii hima sirrii ijaaranii akka kutaaf dubbisan taasisuu.

✍ Dhumarratti barattoonni sirrii ta'uufi dhiisuu isaa irratti erga walfalmanii walitti qabii deebii sirrii ta'e itti himuu.

## Deebii Gilgaala 6

1. Finqilaachoon gareedhaan taphatama.
2. Oroomoo biratti fardaan gulufuun beekamaadha. Yookiin

   Fardaan gulufuun Oroomoo biratti beekamaadha.
3. Ispoortiin aadaa sammuu namaa bohaarsa.
4. Taphni spoortii aadaa nama bashannansiisa.
5. Saddeeqni morkattoota lamaan taphatama.

## Gilgaala 7 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota rarraa'anii hafan nixumuru.**

✍ Himoota gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun akka hima guutuu barreessan taasisuu.

✍ Akka isaan barreessan erga gootee, dabtara isaanii sorooruun duubdeebii kennuu.

## Deebii Gilgaala 7

| | |
|---|---|
| jaarsoliin dinqisiifatamu | dhaloota barsiisuu qabna |
| nama bashannansiisu | dandeettii yaaduu cimsa |

1. Ispoortiin aadaa akka itti fufuuf, dhaloota barsiisuu qabna.
2. Taphoota aadaa keessaa saddeeqni, dandeettii yaaduu cimsa.
3. Dorgomtoonni ispoortii moo'atan, jaarsoliin dinqisiifatamu.
4. Taphoonni aadaa hunduu, nama bashannansiisa.

## Gilgaala 8 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota walduraa duubaan tartiibessuun keeyyata ijaaruu shaakalu**

- ✍ Himoota dhiyaatan tartiiba isaanii sirreessanii dhuunfaan akka keeyyata barreessan itti himuu.
- ✍ Erga barreessanii booda garee nama sadiin akka waliif sirreessan taasisuu.
- ✍ Sana booda, garee irra deemuun duubdeebii kennuufi.

## Deebii Gilgaala 8: 2,3,5,4,1

Taphni qillee, bakkaafi yeroo itti taphatamu qaba. Innis, irra caalaa dirree irratti gareen taphatama. Tapha kana taphachuuf waqtii bonaatu filatama. Sababni isaas ganna dhoqqeetu nama rakkisa. Kanaaf, taphni qillee bakkaafi yeroo filata.

## BOQONNAA 7 MALA JAARSAA (Wayitii 12)

**Kaayyoo Gooroon Baranoota boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e tilmaamuu
- 🕮 Odeeffannoo callaafi dimshaashaa dubbisichaa adda baasuuu
- 🕮 Hiika jechoota haala galumsa isaanii irraa hubachuu
- 🕮 Himoota gaggabaaboon keeyyata barreessu
- 🕮 Faayidaa walqabsiiftotaa adda baafatu
- 🕮 Himoota keessatti mallattoo gaaffii, tuqaafi qoodduu nihubatu

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e tilmaamuu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Dubbisa dhiyaate osoo hindubbisin, barattootni gaaffilee dubbisa duraa irratti deebii akka kennan taasisuun jajjabeessuu.
- ✍ Dalagaan kun daqiiqaa 5 caalaa sitti fudhachuu hinqabu.
- ✍ Barattoonni gaaffii dhiyaaterratti waan isaanitti fakkaateefi tilmaaman akka dubbatan jajjabeessuu.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo callaafi dimshaasha dubbisicha adda baasuuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattootni callisaan erga dubbisanii booda, gaaffilee callaafi dimshaashaa adda basuu akka danda'aniif, gaaffiilee garagaraa itti aananii dhihaatan shaakalsiisuu.
- ✍ Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii irra deemuun mirkaneeffachuufi booda deebii sirrii ta'e kennuufi.

## Deebii gilgaala 2

- ☞ Lagni guutee rakkisuufi dheebuu bishaanii

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni:**

- ☞ **hiika jechootaa haala galumsa isaanii irraa nihimu**
- ☞ **odeeffannoo dubbisa keessaa argataniifi muuxannoo isaanii walitti fiduun ibsu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gaaffileen bifa garagaraatiin dubbisa booda isaaniif dhiyaatee jira. Kanaaf, waan dhuunfaan hojjetan akka waliif soroorsan itti himuu.
- ✍ Dhumarratti waan hojjetan akka mirkaneeffataniif deebii sirrii ta'e kennuufii
- ✍ Gilgaala kana keessatti barattootni yaada banaa ta'e kan mataa isaaniitti dhagahame dubbachuu danda'u. Yaada barattootni kennan daqiiqaa 3 keessatti fudhadhu.

## Deebii gilgaala 3

1. soba
2. gaaguraa
3. Labsiin godaanaa jedhu waan baheef
4. b
5. Gaaffilee kanaaf barattootni deebii barbaadan deebisu. Deebiin sirrii jedhamu hinjiru. Garuu akka waliigalatti dubbisni kun namni marti gorsa jaarsaa dhagahuun barbaachisaa akka ta'e kan barsiisudha.

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota walitti fiduun jecha tishoo nibarreessu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Kaayyoo gilgaala kanaa jechoota tishoo barsiisuudha. Jechoota tishoon maal jechuu akka ta'e osoo barattootatti hinhimin jalqaba fakkeenya kennuun,

barattoottni fakkeenya kennameef hordofanii jechoota kana akka ijaaran taasisuu. Kana booda jechoota tishoo jechuun maal jechuu akka ta'e barattootatti himuu.

- ✍ Jechoonni garaagaraa dhiyaataniiru. Jechoota dhiyaatan kana barattooni dhuunfaan daqiiqaa shan keessatti akka hojjetan itti himuu.
- ✍ Barattoonni dhuunfaan erga hojjetanii akka gareen waliin mirkaneeffatan taasisuu.
- ✍ Dhumarratti deebii isaan irratti waliin mari'atan hordofuu. Sana booda, barattoota keessaa barataa lama yookaan sadii ka'anii gabatee gurraacha irratti akka barreessanii deebii sirrii agarsiisan taasisuu.

**Yaadannoo**

☞ Jecha tishoo jechuun jechoota ofdanda'oo lama walitti fiduun jecha haaraa hiika ofdanda'aa qabu ta'ee kan uumamudha.

| | |
|---|---|
| harkaqalleeyyii | miiljalee |
| seeraqabeessa | garajabeessa |
| garaballeessa | jalbultii |

## Deebii gilgaala 4

1. bu'aqabeessa
2. garajabeenya
3. seeraqabeessa
4. garmalee

## Gilgaala 5 (Wayitii 1)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota kennameen bakka duwwaa guutuun hima guutuu taasisuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ himoota keessaa jechoonni adda baafanii dhiyaatanii jiru. Jechoonni kun eessatti yoo galan hima sirrii akka taasisan akka gareen guutan taasisuu.
- ✍ Yaada baratoonni gareen hojjetan hordofuu
- ✍ Dhuumarratti baratāan lama kutaa keessaa ka'anii himoota guutan akka dareef dubbisan taasisuu
- ✍ Waan dubbifamerratti isa sirrii ta'eefi sirrii hintaane adda adda baasanii itti himuu.
- ✍ Kanaafuu, barattootni jechoota tishoo kana gargaaramanii hima akka ijaaran taasisuu. Himni barataan ijaarus, haala kitaaba keessatti ibsameen, hima keessatti jechoota tishoo bakka buusuun ta'uu qaba. Akkaataa kanaan barattootni akka shaakalan taasisuu.

## Deebii gilgaala 5

1. Gorsa jaarsaa diduun <u>garmalee</u> ulfaata.
2. Gorsa jaarsaa dhagahuun <u>bu'aqabeessa</u>dha.
3. Namni nama ajjeesu <u>garajabeessa</u>dha.
4. Seera eeguun <u>seeraqabeessa</u> nama taasisa.

## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota keessatti mallattoo gaaffii, tuqaafi qoodduu nigalchu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Kaayyoon gilgaala kanaa himootaafi keeyyata garaagaraa keessatti barattoonni akkaa sirna tuqaalee galchuu baran gochuufidha.
- ✍ Kanaaf,fakkeenya kitaaba isaaniirratti hundaa'uun akka isaan shaakalan taasisuu.
- ✍ Hojii shaakala isaanii keessatti gareen akka walitti agarsiisaa hojjetan godhuu.
- ✍ Dhumarratti, waan isaan hojjetan irratti hordoffii taasisuun duubdeebii kennuufi.

## Deebii Gilgaala 6

1. Akkamitti bishaan ceena?
2. Jaarsi Caaltuu, Fiixaa, Siinbooneefi Lookoo akka qo'atan gorse.
3. Sabbooqaan mana barumsaa deeme.

## Gilgaala 7 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti himoota gaggabaaboon keeyyata barreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Himoonni tartiiba isaanii otoo hin eegin walkeessa makamee dhiyaateera.
- ✍ Barattoonni himoota walkeessa makaman tartiibessanii dhuunfaan akka keeyyata barreessan daqiiqaa shanii hanga kudhanii kennuuf.
- ✍ Erga isaan dhuunfaan hojjetanii fixanii gareetti fidanii akka wajjiin tartiiba qabachuu isaarratti waliin mari'atan taasisuu.
- ✍ Hojii barattoonni gareen hojjetan hordofuun duubdeebii kennuuf.
- ✍ Dhumarratti baratttoota keessaa barataan tokko yookaan lama ka'anii deebii sirrii ta'e akka kutaaf dubbisan taasisuu. Bakka dogoggorri jiru sirreessuun itti himuu

## Deebii gilgaala 7: e,d,a,b,c

Ijoolleen jaars hambisuun hawaasaaf faayidaa heddu kenne. Faayidaa isaa keessaa tokko, biyyaa yemmuu godaanan tooftaa laga ittiin ce'an itti hime. Kan lammataa, yemmuu isaan dheebuun rakkatan, bishaan tulluu jalaa akka argamu barsiise. Kana malees, hogganaa abshaala akka argataniif carraa uumeefi jira. Walumaagalatti, jaarsicha ajjeesuu dhiisuun isaanii hawaasicha balaa heddurraa hambisuu danda'eera.

## Gilgaala 8 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni faaiydaa walqabsiistotaa adda baafatu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Waa'ee walqabsiistotaa barattootaaf ibsa xiqqoo kennuu
- ✍ Barattoonni himoota dhiyaatan jalqaba dhuunfaan akka shaakalan hanga daqiiqaa shanii kennuufii.
- ✍ Erga isaan dhuunfaan hojjetanii fixanii gareetti fidanii bakka sirriitti fayyadamuu isaanii akka waliin mari'atan taasisuu.
- ✍ Hojii barattoonni gareen hojjetan hordofuun duubdeebii kennuuf.
- ✍ Dhumarratti, baratttoota keessaa barataan tokko yookaan lama ka'anii deebii sirrii ta'e akka kutaaf dubbisan taasisuu. Bakka dogoggorri jiru sirreessuun itti himuu

## Deebii gilgaala 8

1. Daraartuu **fi** Caalaan mana barumsaa deeman.
2. Dhugaa **yookaan** soba jechuun deebisi.
3. Obsaan barataadha obboleettiin isaa **garuu** daldaltuudha.
4. Boru Finfinnee **yookaan** Adaamaatti wal argarra.
5. Abdii, lalisee **fi** Lammiin oduu durii dareetti waliitti himan.

## BOQONNAA 8 CUMBOO (Wayitii 10)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanai:**

- 🕮 Dubbisicha dhiyaate osoo hindubbisin waa'ee isaa nitilmaamu
- 🕮 Ergaa waliigalaa dubbisaa nihubatu.
- 🕮 Himoota tartiiba qabsiisuun hima ni ijaaruu.
- 🕮 Hiika jechootaa faallaa nihubatu.
- 🕮 Himoota tartiibessuun keeyyata ijaaruu baru.
- 🕮 Keeyyata mataa isaanii tokko nibarreessu.
- 🕮 Hubannoo dubbisa kessaa aragataniifi muuxannoo isaanii walitti fidatu.

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni osoo hindubbisiin dura dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e nitilmaamuu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Cumboo irratti beekumsa qaban akka walitti himan qajeelchuu.
- ✍ Itti aansuun, cumboon maal irraa akka qophaa'u akka walitti himan taasisuu.
- ✍ Yeroo marii taasisanitti, barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu sodaa malee akka dubbatan jajjabeessuu.
- ✍ Fakkiilee dubbisa dura dhiyaateejirus tilmaama isaanii waliif haaqoodan.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni ergaa murtaa'aafi waliigalaa dubbisaa adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni ergaa murtaa'aafi waliigalaa dubbisaa akka argachuu danda'aniif gaaffilee dubbisa keessatti dhiyaate walitti fidataa qalbiin akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Deebii isaaniis mirkaneeffachuuf akka waliin mari'atan taasisuu.
- ✍ Gaaffilee dhiyaatan dubbisanii deebisuuf daqiiqaa 7-10 kennuufi.
- ✍ Waa'ee nyaata aadaa cumboo kanarraa maal akka baratan akka hiriyaa waliin walitti himan taasisuu.
- ✍ Nyaata aadaa cumboo Oromoo Wambaraafi Wallaggaa irraa waan baratan gareedhaan akka waliif himan jajjabeessuu.
- ✍ Barattoonni nyaata aadaa naannoo isaanii jiru irraa wanta adda godhuufi kan walfakkeessu yoo jiraate akka waliin marii taasisan qajeelchuu.
- ✍ Dhumarratti, waan waliin mari'atan barattoonni muraasni akka kutaaf ibsan taasisuu.

## Deebii Gilgaala 2

1. c
2. b

3. Yeroo ayyaanota garaagaraa, yeroo firoonni dhiyoofi fagoo dhufan, yeroo sirna gaa'elaa, yeroo soddaan dhufuufi yeroo daboo fa'a qophaa'a. Sababni isaas dhadhaan kuufamuu, ayyaanni jiraachuufi nama qophaa'uufin waan walqabatuufidha
4. c
5. Gaaffii kanaaf barattootni deebii barbaadan deebisu. Deebiin kennamu akka naannoo isaaniitti adda adda ta'uu danda'a.

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni fakkiileefi maqaa isaanii adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

✍ Meeshaalee cumboon ittiin qophaa'u, tartiibaan dhiyaatee jira. Meeshaalee kanas, dubbisa duraa keessatti akkuma tilmaaman maqaa isaaniin dhuunfaan akka walitti firoomsan taasisuu.

✍ Erga isaan firoomsanii akka gareen waliif mirkaneessan godhuu

✍ Dhumarratti, deebii sirrii ta'e himuufi.

## Deebii gilgaala 3

1. b
2. a
3. d
4. c

## Gilgaala 4 (Wayitii 1)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni hiika jechootaa galumsarraa nibarreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni hiika bakka galma jechootaa akka tilmaaman shaakalsiisuu.
- ✍ Jechoonni firoomsuun kennaman dubbisa keessaa ba'anii jiru. Isaan kana, jechoota hiika faallaa qabaniin akka walitti firoomsan godhuu.
- ✍ Erga isaan firoomsanii hiriyaa waliin waljijjiiranii akka waliif mirkaneessan taasisuu.
- ✍ Dhumarratti, barattoonni hiika bakka galmaafi faalla isaaniin jechootaa tilmaamuu danda'uu/dadhabuu isaanii ilaaluun deggersa barbaachisu godhuufi.

## Deebii gilgaala 4

1. c
2. b
3. d
4. a
5. e

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni:**

- **himoota tartiibessuun keeyyata barreessu**
- **Keeyyata akkaataa gochi itti raawwatu ibsu nibarreessu**

## Ga'ee barsiisaa

- Himoonni dhiyaatan tartiiba cumboon ittiin hojjetamu agarsiisu. Garuu, walkeessa makamanii jiru. Kanaaf, akka dhuunfaan tartiibessanii barreessan godhuu.
- Itti aansuun, tartiiba ga'ee cumboo yaada dhuunfaan barreessan gareen akka waliin sirressanii barreessan taasisuu.
- Dhumarratti, himoota tartiiba isaa eeggateen keeyyata ga'ee isaa agarsiisu ijaaruu isaanii akka mirkaneeffataniif irra deemuun duubdeebii kennuufi.

## Deebii Gilgaala 5

Cumboon adeemsa kanatti aanuun qophaa'a. Jalqaba xaafii diimaan qulleeffamee daakama. Itti aansuun daakuun nibukeeffama. Haadhoon ibiddarra kaa'amee ho'ifama. Bukoon qophaa'ee haadhoofi beddeetti cumboofi giixxoon naqama. Gombisaan itti qadaadamee ibiddi itti bobeeffama. Dhumarratti, irraa fuudhamee baaduufi dhadhaa waliin nyaatama.

## Gilgaala 6 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni keeyyata ibsaa nibarreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Odeeffannoo dubbisa olii keessaa gargaaramanii waa'ee nyaata aadaa beekamaa naannoo isaanii keeyyata sadiin dhuunfaan akka barreessan shaakalsiisuu.
- ✍ Dabalataan osoo barreessuutti hinseeniin dura seera isaan hordofuu qaban kan kitaaba isaanii irratti dhiyaate akka hordofan ibsa laachuun hubachiisuu.
- ✍ Ittifufuun, waan isaan barreessan ilaaluun duubdeebii kennuufi.

## BOQONNAA 9 FAARUU ODAA (Wayitii 8)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e ni tilmaamu
- 🕮 Ergaa murtaa'oofi waliigalaa dubbisichaa nibaasu;
- 🕮 Ergaa keeyyataa nibaasu;
- 🕮 Hiika jechootaa haala galumsaatiin nihubatu
- 🕮 Seenessa dhaggeeffatanii qabxii ijoo ijoo niqabatu;
- 🕮 Qabxiilee seenessa dhaggeeffachuun qabataniin keeyyata gabaabaa nibarreessu

### Gilgaala 1-4 (Wayitii 4)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisichaa akka dursanii tilmaaman shaakalu**

### Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni maalummaa Odaa cimdiin akka mari'atan taasisuu
- ✍ Waa'ee Odaa maal akka beekan gaafachuu
- ✍ Deebii barattootaa irraa fuudhuu
- ✍ Faaruu Odaa yoo beekan akka himan gaafachuu
- ✍ Oromoon Odaaf kabaja akkamii akka kennu himsiisuu
- ✍ Faaruu itti aanu dhuunfaan akka dubbisan gochuu

**Hubachiisa:** Gilgaala kana jalatti yaadniifi deebiin sirrii ta'e hinjiru. Yaada barattoonni kaasan hundaa irraa fuudhi.

## Gilgaala

**Gilgaala kana keessatti barattoonni yaada waliigalaafi yaadota murtaa'oo dubbisichaa baasuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni akka tooftaalee adda addaan yaada waliigalaa dubbisichaa himan taasisuu
- ✍ Barattoonni mata duree irraa yookiin seensarraa akka yaada waliigalaa himan shaakalsiisuu
- ✍ Odeeffannoo murtaa'oo bifa gaaffileen dhiyaatan akka dubbisarra kaatanii funaanan taasisuu

**Hubachiisa:** gilgaala kana hojjechuuf faaruu kana jalqabaa hanga dhumaatti dubbisuun barbaachisuu dhiisuu mala.

## Deebii gilgaala 2

1) b
2) a

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo murtaa'oofi waliigalaa baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ barattoonni dhuunfaan dubbisicha dubbisanii akka gaaffilee deebisan gargaaruu
- ✍ barattoonni dubbisicha jalqabaa hanga dhumaatti akka dubbisan hordofuu

## Deebii gilgaala 3

1. b  2. a  3. b  4. c  5. b

## Gilgaala 4

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisicha muuxannoofi jireenya isaanii waliin akka walqabsiisuun ibsu. Dubbisicha naannoo isaanii waliin akka walbira qabanii madaalu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ barattoonni dhuunfaan dubbisicharraa maal akka baratan akka himan gargaaruu
- ✍ muuxannoofi beekumsa Odaan walqabatee qaban hiriyootaaf akka qoodan taasisuu
- ✍ Gaaffileen  gilgaala kanaa deebii murtaa'aa ta'e hinqaban. Barattoonni muuxannoo, jireenyaafi naannoo isaanii Odaan walbira qabanii ibsuu danda'u.
- ✍ Garuu gaaffii lammaffaaf Odaan uummata Oromoo biratti kabaja, ulfinaafi safuu ol'aanaa akka qabu itti himi. Odaan galma Oromoo akka ta'e ibsiif.

# Semisteera

# 2ffaa

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo dubbisa dhaggeeffatanii gara danaatti jijjiiranii dhiyeessu**

## Ga'ee barsiisaa


- ✍ barattoonni dubbisa dhaggeeffatan irra ka'anii odaalee shananiifi godina isaan itti argaman akka danaatti guutan shaakalsiisuu.
- ✍ barattoonni odeeffannoo bifa keeyyataatiin jiru gara danaatti jijjiiruu isaanii mirkaneessuu.

## Dubbisa

Aadaafi seenaa Oromoo keessatti Odaan kabaja guddaa qaba. Innis mallattoo nagayaa, eenyummaafi tokkummaa ummata Oromooti. Odaawwan Oromoon seera jalatti tumatu gurguddoon shantu jiru. Isaanis, Odaa Roobaa, Odaa Bultum, Odaa Nabee, Odaa Bulluqiifi Odaa Bisil jedhamu. Odaawwan kunneen Oromiyaa bakka adda addaa keessatti argamu.

Odaan Roobaa Baalee aanaa Gin'iiritti argama. Odaan Bultuma immoo Harargee Lixaa aanaa Odaa Bultum jedhamutti kan argamu yoo ta'u, Odaan Nabee immoo Shawaa Bahaa aanaa Ada'aatti argama. Akkasumas, Odaan Bulluq Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Saqalaatti yemmuu argamu Odaan Bisili immoo Shawaa Lixaa aanaa Iluu Galaanitti argama.

## Deebii gilgaala 5




## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo danaa keessatti guutan fayyadamanii keeyyata barreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ barattoonni odeeffannoo murtaa'oo danaa keessatti guutan akka himatti jijjiiranii kaa'an gargaaruu
- ✍ himoota barreeffatanii qindeessanii walitti fidanii akka keeyyata taasisan gochuu
- ✍ barattoonni Odaa shanan Oromoo maqaafi godina itti argaman himaan ibsuu isaanii mirkaneeffachuu

Odaawwan Oromoo gurguddoon shanan godinaalee adda addaa keessatti argamu. Odaan Roobaa godina Baaleetti argama. Odaan Nabee immoo Shawaa Bahaatti argama. Odaan Bisil immoo Shawaa Lixaatti argama. Odaan Bulluq Horroo Guduruutti argama. Odaan Bultum Harargee Lixaatti argama.

## BOOQONNAA 10 ABBAAFI IJOOLLEE TORBAN (Wayitii 8)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e ni tilmaamu
- 🕮 Odeeffannoo callaafi waliigalaa dubbisa keessaa nibaasu
- 🕮 Hiika jechootaa haala galumsaatiin nihubatu
- 🕮 Faayidaa tuqaa, mallattoo gaaffiifi qoodduu adda baafatu
- 🕮 Himoota walkeessa makaman tartiibessuun keeyyata nibarreessu

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisichaa dursanii tilmaamuu shaakalu. Beekumsa duraan qaban gara matadureetti fidatu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ barattoonni gaaffilee irratti yaadaafi ilaalcha isaanii akka kennan gochuu
- ✍ deebiin barattootaa gargar waan ta'aniif akkuma jirutti irraa fuudhuu

**Hubachiisa**: gilgaala kanaaf deebiin sirrii ta'e waan hinjirreef yaada barattootaa hundumaa irraa fudhadha.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni yaada waliigalaafi murtaa'oo dubbisichaa baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ barattoonni dhuunfaan dubbisicharratti hundaa'anii yaada waliigalaa akka barbaadan taasisuu
- ✍ dubbisicha keessa kaatanii akka odeeffannoo murtaa'oo funaanan qajeelchuu

## Deebii Gilgaala 2

1. b 2. quxisuu

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisicha gadfageenyaan akka hubatan taasisuudha.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni dubbisichaa dhuunfaan akka dubbisanii gaaffilee hojjetan gargaaruu
- ✍ Barattoonni deebii isaanii akka hiriyootaan walitti agarsiisan taasisuu
- ✍ Gaaffille 6$^{ffaa}$ fi 7$^{ffaa}$ deebii murtaa'aa waan hinqabneef barattoonni akkuma muuxannoo isaanitti akka deebisan jajjabeessuu
- ✍ Gaaffilee ka'aniif dhumarratti deebii kennuu

## Deebii gilgaala 3

1. Ijoolleen waan tokkummaa hinqabneef
2. a
3. ijoollee torban
4. b
5. galmaan hinga'an

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qoodduu, gaaffii yookiin tuqaa himoota keessatti galchuun shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ barattoonni mallattoowwan kana himoota keessatti seeraan akka fayyadaman hordofuu
- ✍ barattoonni deebii isaanii akka waliin madaalan taasisi
- ✍ barattootaaf fakkeenyota biroo dabalii kenni

## Deebii gilgaala 4

1. Tokkummaan maali?
2. Liiban, Qananii fi Soorettiin kutaa afuraffaa baratu.
3. Ijoolleen torban akkamitti tokkummaa horatan?
4. Abdii, Guyyoo, Sanyiifi Wabiin tokkummaa qabu.

## Gilgaala 5 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota dubbisa keessaa ba'anii tartiiba walduraa duuba hineegne tartiibessu**

## Ga'ee barsiisaa

- barattoonni dhuunfaan gilgaalicha akka hojjetan taasisuu, boodarra deebii isaanii akka walbira qabanii laalan gargaaruu
- barattoonni eertota walduraa duubaa fayyadamanii akka tartiibessan gochuu
- deebii barattootaa sororuun mirkaneessuufi

## Deebii gilgaala 5: b,d,c,i,g,e,a,h,f

Namicha tokkotu ijoollee torba qaba ture. Ijoolleen isaa torbanuu yeroo hunda waliif hingalan. Tokkummaa dhabuun ijoollee isaa kun baay'ee aarse. Kanaaf, walitti waamee isaan gorsuuf murteesse. Innis, jalqaba uleewwan walitti hidhaman dhuunfaan akka cabsan ajaje. Isaan keessaa namni tokkollee cabsuu dadhabe. Booda, torbanuu walgargaaranii akka cabsan ajaje. Isaanis salphumatti caccabsan. Dhumarratti, tokkummaa yoo qabaatan waan fedheyyuu caccabsuu akka danda'an gorse.

# BOQONNAA 11 KUNUUNSA NAANNOO (Wayitii 17)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa**

- 🕮 Waa'ee dubbisichaa nitilmaamu
- 🕮 Ergaa waliigalaafi callaa dubbisichaa nibaasuu
- 🕮 Himoonni ergaa guutuu akka dabarsan ni taasisu.
- 🕮 Himoota ni ijaaru.
- 🕮 Himoota hin xumuramin ni xumuru.
- 🕮 Himoota walkeessa makamanii barreeffaman nitartiibessu
- 🕮 Walaloo gaggabaaboo ni barreessu.

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisa dhihaatee tilmaamu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍Ajaja kitaaba barataa irratti kenname akka dubbisan taasisuu.
- ✍Muuxannoo duraan qaban irraa ka'uun kunuunsa naannoo jechuun maal jechuu akka ta'e akka himan gochuu.
- ✍Fakkii ilaalanii akka tilmaaman taasisuu.

- ✍ Akkaataa  naannoo isaanii itti kunuunsan akka tilmaaman taasisuu.
- ✍Sanaa booda kallattummaan gara dubbisaatti akka deeman gochuu.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo murtaa'aa dubbisichaa akka adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, gaaffilee kitaaba barataa irratti dhiyaatan akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Yommuu dubbisanis deebii gaaffilee kennamanii hojjechuudhaan dabtara isaaniirratti akka barreeffatan  gochuu.
- ✍ Yeroo barattoonni dhuunfaan hojjetan akkaataa isaan itti hojjetan itti agarsiisuu; deeggarsa barbaachisaa ta'ees kennuufii.
- ✍ Bu'aa hojii dhuunfaa  isaanii akka waliif dhiheessan gochuu.
- ✍ Bakka isaan hubannoo itti hin argannetti irra deebiin akka hubatan taasisuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuufi.

## Deebii gilgaala 2

| **Faayidaa kunuunsa naannoo** | **miidhaa naannoo kunuunsuu dhabuun dhufu** |
|---|---|
| ☞ dachee gabbataa argachuu | - hongee hamaa mudachuu |
| ☞ dachee misoomtuu | - beelaaf saaxilamuu |
| ☞ qilleensa mijaawaa argachuu | - gammoojjummaa |

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni ergaa waliigalaafi murtaa'aa dubbisaa adda baasu**

## Ga'eea barsiisaa

- ✍Jalqaba irratti gaaffilee kitaaba irratti dhihaatan barattoonni akka dubbisan taasisuu.
- ✍Itti aansuun immoo, dhuunfaan akka hojjetan taasisuu.
- ✍Erga dhuunfaan hojjetanii gareen akka irratti mari'atan taasisuu.
- ✍Yeroo isaan Yaada isaanii waliif dhiheessan gargaaruu.
- ✍Dhumarratti, yaada isaanii irraa fuudhuun bakka barattoonni hubannoo hin argatiinitti irra deebi'uun akka isaan wal-hubachiisan taasisuu.
- ✍Yoo wal-hubachiisuu dadhaban irra deebiin akka hubatan gochuu.

## Deebii gilgaala 3

1. a
2. b
3. a
4. b
5. Deebii banaati. Maal akka baratan haa himan
6. Deebii banaati. Naannoo kunuunsuuf maaltuu akka barbaachisu haa himan.

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota bakka duwwaa guutuun himoota guutuu taasisu**

[

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, gaaffilee kennamaniifi jechoota gabatee keessatti kennaman sirriitti akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Itti aansuun jechoota gabatee keessa kaa'amaniin himoota guutuu hin ta'iin akka guutuu taasisan gochuu. `
- ✍ Deebii isaanii gareen akka waliif himan taasisuu.
- ✍ Barattoota sirriitti hojjetan daran akka cimaniif hamilee kennuufii. Kanneen hin hubatin yoo jiraatan dursa akka walirraa hubatan gochuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuufii.

## Deebii gilgaala 4

1. kunuunsuu
2. dhiqama
3. oomisha
4. daagaa
5. leecalloo
6. qe'ee

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota guutuu taasisuun barreessu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, qajeelfama kename sirriitti dubbisuu.
- ✍ Itti aansuun fakkeenya kenname gabatee gurraacha irratti barreessuun akka hubatan taasisuu.
- ✍ Sababaafi bu'aa jechuun maal akka ta'e, fakkeenya kennuun itti himuu.
- ✍ Gaaffilee kitaaba barattaa irratti kennaman fakkeenya kenname irratti hundaa'uun akka hojjetan gochuu.
- ✍ Gaaffilee kanas bifa hojii manaan ykn dareetti akka hojjetan taasisuu.
- ✍ Qabxiilee ifa hintaaneef irra deebi'uun hubachiisuu.
- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuuf.

## Deebii gilgaala 5

1. aadmale/ gammoojjummaa fida/seeraan nama gaafachiisa
2. godaansa fida
3. oomisha xiqqeessa
4. dhiqama biyyee fida
5. badhaafame

## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota kennamaniin himoota ijaaru**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, qajeelfamaafi gaaffilee kennaman akka dubbisan gochuu.
- ✍ Fakkeenya kenname gabatee gurracha irratti barreessuun hubachiisuu.
- ✍ Itti aansuun jechoota kennaman fayyadamanii akka hima ijaaran taasisuu.
- ✍ Yeroo barattoonni jechootatti fayyadamanii hima ijaaran deeggarsa gochuufi.
- ✍ Qabxiilee barattootaaf ifaa hintaane irra deebi'anii akka wal-hubachiisan taasisuu. Yoo wal-hubachiisuu dadhaban akka hubatan gochuu.
- ✍ Jechoota biroo dabalataan akka hojii maneetti kennuufii.
- ✍ Guyyaa itti aanu hojii manaa hojjechuufi dhiisuu isaanii hordofuu.

## Gilgaala 7 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni walaloo gaggabaaboo barreessuu shaakalu**

- ✍ Jalqabarratti, barattoonni dhuunfaadhaan jechoota roga A fi B jala jiran walitti firoomsuun walaloo gaggabaaboo akka uuman taasisu.
- ✍ Itti aansuun gareen akka waliin hojjetan gochuu.
- ✍ Waan gareen hojjetan dabareen akka waliif dubbisan taasisuu.

- ✍ Dhumarratti, duubdeebii kennuufii

## Deebii gilgaala 7

Baradhu baratataa

Barnoonni bayeessaa

Doofummaa balleessaa

Wallaalaa barsiisaa

Hiyyeessa sooromsaa

Kan cimee baratee

Samii kaatee

Addunyaa daawwatee

## Gilgaala 8 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni walaloo dhuunfaan barreessuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba irratti ajaja kitaaba barataa irra jiru akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Itti aansuudhaan barattootni walaloo akka fakkeenyaatti isaaniif dhiyaate dhuunfaan akka dubbisan gochuu.
- ✍ Barattootni dhuunfaadhaan fakkeenya kennamerratti hundaa'uun walaloo waa'ee bosona kunuunsuu akka barreessan taasisuu.

- ✍ Yeroo barreessanis haala walaloo itti barreessan qajeelchuu.
- ✍ Walaloo barreessanii dhufan dareef akka dhiheessan gochuu.
- ✍ Dhuma irratti duubdeebbii kennuufii

## Gilgaala 9 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni sirna marii eeganii marii gaggeessuu shaakalu**

## Ga'eea barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, barattoota daree keessa jiran gareetti qoqqooduu.
- ✍ Barattoota gareetti qoqqoodamaniif tokko tokkoo miseensa gareetiif ga'ee hojii kennuu. Fakkeenyaaf, mariisisaa, barreessaafi miseensa ta'uu danda'a.
- ✍ Sanaa booda, kabaja Oromoon bosonaaf qabu kan kitaaba barataa gilgaala 9 irratti dhihaate dubbisiisuu
- ✍ Itti aansuun, gaaffilee dhihaatan irratti akka mari'atan taasisuu.
- ✍ Erga mari'atanii yaada maree isaanii garee gareen akka waliif dhiheessan taasisuu.
- ✍ Gareen hundi akka dhiheessan taasisuun yeroo dhiheessanis hojii isaanii madaaluu.
- ✍ Dhuma irratti, qabiyyee kana irraa maal akka baratan akka dareef ibsan gochuu.

## BOQONNAA 12 GABBISAA EJJETAA (Wayitii 13)

**Kaayyoowwa boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e nitilmaamu.
- 🕮 Odeeffannoo callaafi dimshaashaa dubbisichaa nihubatu;
- 🕮 Haala galumsa isaanii irraa ka'uun hiika jechootaa nibaru;
- 🕮 Himoota keessatti faayidaa qubguddeessaa nixiinxalu.
- 🕮 Dubbisa dhaggeeffatanii iddoo duwwaa niguutuu.
- 🕮 Akkaataa keeyyanni itti barreeffamu nihubatu.
- 🕮 Seenaa hayyuu tokkoo irraa ka'uun hawwii isaanii keeyyata tokkoon nibarreessuu.

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 4)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisni waa'ee maalii akka ta'e tilmaamu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni otoo dubbisa hindubbisin dura waa'ee hayyuu Looret Gabbisaa Ejjetaa waan beekan yookaan tilmaama isaanii akka walitti himan taasisuu.
- ✍ Hayyuun kun barnoota sadarkaa tokkoffaatii kaasee hanga doktorummaa/ pirofeesarummaa issaatti barataa akkamii akka ture akka tilmaama isaanii walitti himan gochuu.

- ✍ Fakkiin hayyichaa baadiyyaa inni itti dhalate, harmee isa guddifte, yeroo barnoota isaa, bisingaa qorachuu isaaf badaafamuu agarsiisu dhiyaateera. Kanaaf tilmaama isaanii akka gareen waliin mari'atan taasisuu.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo callaa dubbisichaa adda nibaasu;**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni gaaffilee giddu gidduu dubbisaatti dhiyaataniin yaada keeyyata itti aanuu akka timaamaa dubbisan taasisuu.
- ✍ Barattoonni gaaffilee odeeffannoo callaa dhuunfaan akka baafatan gochuu
- ✍ Sana booda, akka gabatee guutan taasisuu. Itti fufuun, waan dhuunfaan hojjetan gareen akka duubdeebii waliif kennan qajeelchuu.
- ✍ Dhumarratti, hordofuun deeggarsa sirreeffamaa kennuufi.

## Deebii Gilgaala 2

1. Deebiin gabatee armaan gadiitii keessatti guutaman.

| **Bara taateewwanii** | **Ga'eelee raawwataman** | **Sadarkaa barumsa inni argate** |
|---|---|---|
| 1973 | saayinsii biqiltuu qoratuun | digrii jalqabaa |
| 1974 | Carraa barachuu argatee Ameerikaa dhaqe | digirii lammataa |

| | | |
|---|---|---|
| 1976 | saayinsii biqiltuu horsiisuufi diqaalomsuun | Maastersii |
| 1980 | midhaan horsiisuufi diqaalomsuun | Doktoreetii |

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisa keessaa yaada callaafi dimshaashaa adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni gaaffilee odeeffannoo callaafi dimshaasha dhuunfaan akka baafatan gochuu.
- ✍ Sana booda, waan hojjetan gareen akka duubdeebii waliif kennan qajeelchuu.
- ✍ Dhumarratti, hordofuun deeggarsa sirreeffamaa kennuufi.

## Deebii gilgaala 3

1. - safuu barsiiftee naamusaan guddifte.
   - hamilee jabeessaafi gorsaa guddifte.
   - mana barumsaa galchite barsiifte.

2. b
3. b
4. Qorannoowwan hedduu gaggeessee sanyii misingaa gogiinsa dandamatu waan argateefidha.
5. - Barattoonni seenaa kana irraa waan baratan akka walitti himan godhuu.

- Akkasumas, seenaa nama dhuunfaa kana irraa waan hubatan akka waliif ibsan jajjabeessuu.
- Dhumarratti seenaa nama dhuunfaa kana irraa waa hubatan ibsuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennuufi.

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni hiika jechootaa haala galumsa isaanii irraa nibarreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- Hiika jechoonni dubbisicha keessatti qaban kanneen bifa filannoon dhiyaatee jiru akkataa galumsa dubbisichatiin dhuunfaan deebii sirrii akka filatan jajjabeessuu.
- Erga filatanii walitti agarsiisanii waliin akka mirkaneffatan taasisuu.

## Deebii Gilgaala 4

| | |
|---|---|
| **1.** a | 4. b |
| **2.** c | 5. a |
| **3.** c | |

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubguddeessa jalqaban dubbisa keessaa addaan baasanii barreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni jechoota qubguddeessaan jalqaban dubbisa boqonnaa 12 keessaa akka baasan gargaaruu
- ✍ Ittifufuun waan dhuunfaan hojjetan akka waliin mari'ataniifi ofii isaanii akka walsirreessan taasisuu
- ✍ Sana booda, barattoonni jechoota qubguddeessaan barreessuu isaanii mirkaneessuu, duuka bu'uufi hogganuu
- ✍ Dhumarratti, barattoota keessaa filadhuutii gabatee gurraacha irratti akka barreessanii walitti agarsiisan taasisuu.

## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota keessatti rakkoo qub-guddeessaa ni sirreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabatti fakkeenya kitaabarratti dhiyaate akka ilaalan godhuu.
- ✍ Barattoonni himoota dogongora qubguddeessaa qaban akka adda baafatan shaakalliin dhiyaate dhuunfaan akka hojjetan godhuu.
- ✍ Ittifufuun waan dhuunfaan hojjetan akka waliin mari'ataniifi ofii isaanii akka walsirreessan taasisuu.
- ✍ Sana booda, barattoonni himoota dogongora qubguddeessaa of keessaa qaban akka adda baafatan hordofuun deeggarsa kennuu.

- ✍Dhumarratti, barattoota keessaa filadhuutii gabatee gurraacha irratti akka barreessanii walitti agarsiisan taasisuu.

## Deebii gilgaala 6

1. Obbo Eebbisaan Wallagga Bahaa Aanaa Eebbantuutti dhalate
2. Haati Gammadaa ilma ishee mana barumsaa galchite.
3. Qormaanni Biyyoolessaa Kamisa yookaan Jimaata eegala.
4. Caalaan Kolleejjii Qonnaa Jimmaa seenee dippiloomaan eebifame.

## Gilgaala 7 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni seenaa Waaqoo Guutuu tartiibessaanii keeyyata taasisuun barreessu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba irratti keeyyata himoota walkeessa makamanii dhiyaatan akka dubbisan godhuu.
- ✍ Itti aansuun dabtara isaanii irratti akka garagalfatan ajajuu.
- ✍ Sana booda, yeroo lama akka dubbifamuuf itti himuu.
- ✍ Dubbisa sana dhaggeeffachaa hima isaaniif dhiyaatee jiru akka tartiiba galchan hubachiisuu.
- ✍ Dubbisa dhiyaates, saffisa giddu-galeessaatiin dubbisuufi.
- ✍ Dhumarratti dabtara isaanii waljijjiirsisuun akka waliif ilaalan gochuun deebii kennuufidha.

## Deebii gilgaala 7

Jeneraal Waaqoo Guutuu bara 1924 Godina Baaleetti dhalate. Daa'imummaa isaarraa jalqabee sirna gita bittaa mormaa ture. Sababni isaa bara sanatti, mootummaan abbaa irree ummata lafarraa buqqisaa ture. Kanaaf, waggaa 14'tti horii gurguratee qawwee bitate. Bara 1960 irraa eegalee qawwee kaasee qabsootti seene. Walumaagalatti, Jeneraal Waaqoo Guutuu goota Oromoon yaadatamudha.

## Gilgaala 8 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni seenaa jireenya isaanii himoota gaggabaaboo keeyyata tokkoo nibarreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, fakkeenyummaa seenaa hayyuu Looret Gabbisaa Ejjetaa dhiyaate irra deebuun afaaniin yaadachiisuu.
- ✍ Sana booda odeeffannoo isaaniif dhiyaate fayyadamuun keeyyata tokkoo hawwii isaanii akka barreessan qajeelchuu.
- ✍ Fakkeenyaaf: Ani maqaan koo ________jechuun eegalsiisuu.
- ✍ Dhumarratti, waan isaan barreessan ilaaluun duubdeebii kennuufi.

## BOQONNAA 13 LAGA HAWAAS (Wayitii 14)

🕮 **Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

🕮 Dubbisa tokkoo osoo hindubbisin dura nitilmaamu.

🕮 Odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisaa keessaa adda baasuu;

🕮 Hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu

🕮 Maqaafi ibsa maqaa addaan nibaasu

🕮 Gaaleewwan fayyadamuun hima guutuu ni taasisu

🕮 Himoota tartiibessuun keeyyata nibarreessuu

🕮 Dubbisa dhaggeeffachuun bakka duwwaa niguutuu

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisa tokkoo osoo hindubbisiin dura nitilmaamuu.**

## Ga'ee barsiisaa

✍ Kaayyoon gilgaala kanaa akka galma gahuuf, barattootni gaaffilee dubbisa duraa irratti deebii isaanitti fakkaate akka kennaniifi dubbisichaaf akka of-qopheessan jajjabeessuu.

✍ barattootni deebii isaanii hiriyaan akka tilmaama isaanii walitti himan taasisuu.

- ✍ Gaaffii kanarratti yeroon ati fayyadamtu daqiiqaa 5 caaluu hinqabu.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo murtaa'aa fi dimshaashaa dubbisaa adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barattoonni odeeffannoo callaafi dimshaashaa akka adda baafataniif, yeroo dubbisa kennameef akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Yeroo dubbisan, gaaffiilee gilgaala kana jalatti gaafataman guutaa akka dubbisan itti himuu.
- ✍ Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu. Deebii gaaffii dhiyaatees, gareen akka hojjetan taasisuu.
- ✍ Dhumarratti deebii isaanii akka mirkaneeffataniif sirreessuun itti himuu.

## Deebii gilgaala 2

1. – laga jamjam
   - Laga areerrii
   - Qeerransa
2. Qonna jallisiif, dhugaatii, bashannana, madda galii

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffannoo murtaawaafi dimshaashaa adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gilgaala kana jalatti shaakalawwan odeeffamnoo dimshaashaafi murtaahaa barattootni akka deebisan taasisuu.
- ✍ Deebii shaakalawwan kanaa dubbisatti deebi'uun mirkaneeffachuu akka danda'an qajeelchuu.
- ✍ Gaaffilee dhiyaatan kana barattoonni akka gareen hojjetan taasisuu.
- ✍ Dhumarratti, deebii garee keessatti hojjetan barataan tokko yookaan lama kutaa keessaa ka'uun akka deebisisan gochuu.
- ✍ Deebii deebisan yoo sirrii hinta'iin akka sirreeffataafi mirkaneeffataa deeman gochuu.

## Deebii gilgaala 3

1. soba
2. bineensaafi simbirroota
3. Hawaas
4. Jiruuf jireenyi qonnaan bultootaa laga kana irratti waan bu'uureffatuufidha.
5. Gaaffiin shanaffaa irratti barattoonni waan isaanitti fakkaate haadubbatan.
6. Gaaffiin jahaffaa kunis barattoonni waan irraa baratan dhuunfaan akka dubbatan jajjabeessuu.

## Gilgaala 4 (Wayitii 1)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni hiika jechootaa haal galumsa dubbisaatiin tilmaamuun hubatu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barsiisa, jechoonni gilgaala kana jalatti tarreeffaman jechoota dubbisa keessaa bahanidha.
- ✍ Jechootni kun galumsa isaan dubbisa keessatti qaban bu'uura godhachuun barattoonni akka deebii kennan shaakalsiisuu.
- ✍ Deebii gaaffii dhiyaatee barattootni akka mirkaneeffataniif, barataa lama dabareen akka kutaa hundaaf deebii dhiyeessaniifi hundi mirkaneeffatan taasiisuu.

## Deebii gilgaala 4

1. bu'uureffate
2. madda
3. mijachuu
4. cinaa
5. dhugsiisuu

## Gilgaala 5 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaafi ibsa maqaa adda baasu**

## Ga'ee barsiisaa

- Shaakalawwan gilgaala kana keessatti dhihaatan, xiyyeeffannoon isaanii barattootni akka maqaafi ibsa maqaa adda baafatan kan gargaaruudha.
- Himoonni gilgaala kana keessatti tarreeffamanis, jechoota garee maqaafi ibsa maqa kan of keessaa qabanidha.
- Barsiisa, barattootni jechoota maqaafi ibsa maqaa hima keessatti kaa'ame haala fakkeenya kennameetiin boca kaa'ame keessatti akka guutan gargaaruu
- Deebii barattootaas ilaaluun mirkaneessuufi

## Yaadannoo:

**Maqaa:** maqaan garee jechootaa Afaan Oromoo keessa isa tokkodha. Maqaa jechuun ittiin beekama ykn ittiinn yaamama namootaa, wantootaa, gareewwaniifi k.k.fdha.

Fakkeenya, a.Simboonee, Aagaa, Sanyii (maqaa dhuunfaa)

b. Barsiisaa, Barataa, bineensa (maqaa garee)

c. Mana, nyaata, muka (maqaa wantootaa)

**Ibsa Maqaa:**garee jechootaa Afaan Oromoo kan biraa keessaa tokko ibsa maqaati. Ibsi maqaa maqaa booda galuun maalummaa isaa kan ibsudha. Kunis, maqaa sana hangaan, maalummaan, lakkoofsaan, wanta irraa tolfamu, bakkaanfi k.k.f kan ibsudha.

Fakkeenya,

a. Sangaa gurraachaa ( kan jala sararame halluudhaan ibsa)

b. mana guddaa ( ibsa maqaa hangaa)

c. Buna jimmaa ( ibsa maqaa bakkaa)

d. Marqaa boqqoolloo (ibsa maqaa waan iraa tolfamu agarsiisu)

## Deebii gilgaala 5

| <u>Maqaa</u> | <u>ibsa maqaa</u> |
|---|---|
| 1. Abdiisaa, Bishaan | qulqulluu |
| 2. Simboo, wayyaa | diimaa |
| 3. Beelada, Bishaan | lagaa |
| 4. Boontuu, Kophee | miidhagaa |

## Gilgaala 6 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himaoota rarraa'anii hafan ijaaruu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gilgaala kana jalatti barattoonni yaada himoota rarraa'anii hafan walitti fiduun firoomsuun akka hima sirrii ta'e ijaaran shaakalchiisuu.
- ✍ Barattoota gareen hojjechiisiisuu.
- ✍ Waan isaan hojjetan irraa fuudhuun soroorsiif.

## Deebii gilgaala 6

1. Laga faalame waan dhuganiif fayyaan isaanii hubame.
2. Jallisii waan fayyadamaniif oomisha ga'aa argatan.
3. Lagni Hawaas waan guuteef midhaan balleesse.

4. Lageen kunuunsuu dhabuun gogiinsa fida.
5. Lageen faayidaa waan qabaniif kunuunfamuu qabu.

## Gilgaala 7 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota waljala fuudhaman sirreessuun keeyyata tokko nibarreessu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Barsiisaa, shaakalli kutaa kana jalatti dhihaate, barattootni himoota waljala fuudhaman tartiibessuun keeyyata akka barreessan qajeelchuu
- ✍ Baratootni himoota kana duraa duuba isaaniitiin tarreessanii akka keeyyata barreessan shaakalchiisisuu
- ✍ Erga barattootni barreessanii fixanii booda hiriyoota isaanii waliin waljijjiiranii akka yaada waliif kennan taasisuu
- ✍ Sana booda duubdeebii dareef kennuufi
- ✍ Mataduree gara biraa filatanii keeyyata barreessanii akka dhufaniif hojii manaa keennuufi

## Deebii gilgaala 7: 2,4,1,5,3

Bishaan faayidaalee hedduu qaba. Faayidaa isaa keessaa tokko dhugaatiif tajaajila. Inni lammataa, meeshaalee, qaamaafi uffata keenya ittiin dhiqachuuf oola. Kanaan alattis, bishaan humna elektirikii maddisiisuuf gargaara. Walumaagalatti, gaheen bishaan jiruufi jireenya keessatti qabu baay'ee ol'aanaadha.

## Gilgaala 8 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisa dhaggeeffachuun caattoo dhiyaate guutuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gilgaala kana keessatti barattootni dubbisa barsiisaan isaaniif dubbisu dhaggeeffatanii bakka duwwaa caattoon kenname keessatti deebii guutu.
- ✍ Barsiisa, dubbisa qajeelcharra jiru osoo hin eegalin qabxiilee armaan gadii barattootatti himi
- ✍ Barattootni caattoo dhiyaate sana dabtara isaanii irratti akka barreeffatan taasisuu
- ✍ Dubbisichi marsaa sadi akka dubbifamuu itti himuu
- ✍ Dubbisa marsaa tokkoffaa irratti barattootni sirriitti akka dhaggeeffatan itti himuu
- ✍ Dubbisa marsaa lammaffaa irratti dhaggeeffachaa bakka duwwaa kenname akka guutan itti himuu
- ✍ Dubbisa xumura irratti deebii isaanii akka mirkaneeffatan taasisuu
- ✍ Dhumarratti, deebii barattootaa waliin mirkaneessuufi

## Dubbisa

Faayidaawwan laggeen Oromiyaa kennan keessaa tokko jallisiifi humna ibsaatiif ooludha. Qotee bulaan hedduun lageen naannoo isaanii jiran jallisuun oomisha adda adda oomishu. Karaa biraatiin, humni ibsaa guddina biyyaaf bu'ura ta'e laggeen irraa

madda. Fakkeenyaaf, laggeen akka Qoqaa, Fincaa'aafi Gibee humna eletirikiitu maddisiisu.

Faayidaaan biraa laggeen kennan keessaa madda bineensotaafi bakka bashannanaas ta'uun ni tajaajilu. Bineensonni kanneen akka Roobiifi Naachaa, laggeen keesatti argamu. Bineensonni kunneenis hawwata tuurizimii ta'uun biyyaaf galii argamsiisu. Akkasumas, namoonni qaama isaanii boqachiisuuf laga bu'anii bishaan daakuun haragalfatu. Walumaagalatti, lageen Oromiyaa keessa jiran fayidaa guddaa qabu. Kanaafuu, laggeen keenya faalamarraa eeguufi kunuunsuub baay'ee barbaachisaadha.

## Deebii gilgaala 8

- ☞ omisha qonnaa gara garaa ittiin omishuu
- ☞ Hawwata turiziimiitiif ooluu
- ☞ Bashannanaaf ooluu (akka iddoo ispoortiitti)
- ☞ Madda galiifi bakka jireenya bineensotaas ta'uu danda'a

## Gilgaala 9 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni odeeffaanno caattoo gilgaala 8ffaa keessatti guutan qindeessuun keeyyata barreessuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Himoota caatoo keessatti barreessan barattootni walitti qindeessuun keeyyata eegalame guutanii akka barreessan qajeelchuu
- ✍ Keeyyata barattootni barreessan ilaaluun duubdeebii kenniif

# BOQONNAA 14 FAARUU LOONII (Wayitii 8)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Odeeffaannoo waliigalaafi callaa dubbisichaa ni baasuu
- 🕮 Hiika galumsa jechootaa dubbisaa keessaa nihubachuu.
- 🕮 Caattoo fayyadamuun keeyyata ni ijaaruu

## Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisa dhihaatee tilmaamu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Gaaffii kitaaba barataa irratti kenname akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Faaydaalee loon irraa argamanfi faaruu looniif faarsamu akka tilmaaman gochuu.
- ✍ Yaada isaanii irraa fuudhuun haala qabatamaa hawaasa keessa jiraataniin tilmaamsisuu.
- ✍ Sanaa booda kallatumaan gara dubbisaatti akka deeman taasisuu.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni ergaa waliigalaafi murtaa'aa dubbisichaa addaan baasuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba, gaaffiiwwan kitaaba barataa irratti dhiyaatan dubbisisuu.
- ✍ Yommuu dubbisanis deebii gaaffilee kennamanii hojjechuudhaan dabtara isaaniirratti akka barreeffatan itti himuu.
- ✍ Yeroo barattoonni hojjetan akkaataa isaan itti hojjatan itti agarsiisuu; deeggarsa barbaachisaa ta'ees taasisuufii.
- ✍ Bu'aa hojii isaanii akka waliif dhiheessan gochuu.
- ✍ Bakka isaan hubannoo itti hin argatiin irra deebi'anii hubachiisuu.

## Deebii gilgaala 2

1. dhadhaa
2. c

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisa bu'uureeffachuun dubbisicha haala naannoo isaanii waliin walqabsiisuun ibsu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba barattootni dhuunfaan gaaffilee kitaaba irratti dhihaatan akka dubbisan gochisiisuu.

- ✍ Itti aansuun immoo, dubbisa dhihaate bu'uureeffachuun haala naannoo isaanii waliin walqabsiisanii deebii akka kennan taasisuu.
- ✍ Deebii dhuunfaan hojjatan gareen akka irratti mari'atan taasisuu.
- ✍ Yeroo isaan hojjatan gargaaruu.
- ✍ Dhumarratti, yaada isaanii irraa fuudhuun bakka barattoonni hubannoo hin argatiinitti irra deebi'anii akka isaan wal-hubachiisan gochuu.

## Deebii gilgaala 3

1. b
2. c
3. Hawaasani loon maaliif akka faarsu haala qabatama naannoo isaaniitiin akka ibsan gochuun deebii harkaa fuudhuu.
4. Namoota horii hin qabne

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni hiika galumsaa jechootni qaban hubachuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqabarratti, gaaffilee kennaman sirriitti akka dubbisan gargaaruu.
- ✍ Itti aansuun jechootni kennaman dubbisa keessaa bahuu isaanii akka ilaalan taasisuu.
- ✍ Erga dubbisanii booda  hiika galumsa jechootaa dhuunfaan akka barbaadan taasisuu.

- ✍ Deebii isaanii lama lamaan akka waliif ilaalan taasisuu.
- ✍ Barattoota haalaan hojjetan  daran akka cimaniif hamilee kennuufii.
- ✍ Kanneen hin hubatiin yoo jiratan dursa akka walirraa hubatan gochuu. Boodarra  irra deebi'uun hubachiisuu.

## Deebii Gilgaala 4

1. calleessuu
2. batteessuu
3. mi'eessituu
4. quubsita

## Gilgaala 5 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni caattoo fayyadamuun keeyyata ijaaru**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba irratti caatoo kitaaba barataa irra jiru akka dubbisan  taasisuu.
- ✍ Itti aansuun faaydaa loon irraa argamu haala caattoon gaafatuun akka hojjatan taasisuu.
- ✍ Barattoota caatoo sana erga guutanii booda walqabsiisuun keeyyata akka ijaaran taasisuu.
- ✍ Waan isaan hojjetan akka dareef dhiheessan taasisuun hojii isaanii madaaluu.
- ✍ Hojiilee akkanaa kan biroo keeyyata akka shaakalan taasisuu.

## Deebii gilgaala 5

Loon irraa faaydaa heddutu argama. Isaan keessaa tokko meeshaalee gara garaa dhimmi itti bahamudha. Meeshaaleen kanneenis kanneen akka waancaa, itilleefi shiniidha. Sooratni loonirraa argamu immoo foon, aannaaniifi dhadhaa dha. Dabalataanis, loon tajaajila biroofis ni oolu. Kanneen keessas kan akka oogdii dhahuu, qonna qotuufi gurguramuun qarshii argamsiisuudha. Kanaaf loon faaydaalee hedduu qabu jechuun ni danda'ama.

## BOQONNAA 15 ABBABACH GOOBANAA (Wayitii 13)

**Kaayyoowwan boqonnaa kanaa:**

- 🕮 Waa'ee dubbisaa ni tilmaamu
- 🕮 Ergaa waliigalaafi callaa dubbisichaa nibaasuu
- 🕮 Himoota dubbisicha keessaa ba'an nitartiibessu;
- 🕮 Himoota walkeessa makamanii dhiyaatan tartiibessuun keeyyata nibarreessuu.
- 🕮 Qubguddeessaafi itti fayyadama isaa addaan nibaafatu.
- 🕮 Seenaa mataa ishaanii barreessuu nishaakalu
- 🕮 Xalayaa barreessuu nishaakalu

### Gilgaala 1 (Gilg.1-3 Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni waa'ee dubbisa dhihaatee tilmaamu.**

### Ga'ee barsiisaa

- ✍ Ajaja kitaaba baratаa irratti kenname akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Fakkii kitaaba irraa akka tilmaaman taasisuu. Yaada isaanii irraa fuudhuun tilmaamsisuu.

- ✍ Sanaa booda garee nama lama lamaan waa'ee Abbabach Goobanaa kan dhagahan akka walitti himan taasisuu tilmaasisuu.
- ✍ kallatumaan gara dubbisaatti akka deeman taasisuu.

## Gilgaala 2

**Gilgaala kana keessatti barattoonni ergaa waliigalaafi murtaa'aa dubbisichaa akka adda baasan taasisuudha.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba, gaaffiiwwan kitaaba barataa irratti dhiyaatan akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Yommuu dubbisanis deebii gaaffilee kennamanii dhuunfaadhaan dabtara isaaniirratti akka barreeffatan itti himuu.
- ✍ Itti aansuudhaan barattoonni kan dhuunfaan hojjatan waliin akka ilaalan yookiin hojjetan itti agarsiisuu; deeggarsa barbaachisaa ta'ees taasisuufii.
- ✍ Bu'aa hojii isaanii akka waliif dhiheessan gochuu.
- ✍ Bakka isaan hubannoo itti hin argatiin irra deebi'anii hubachiisuu.

## Deebii gilgaala 2

1. Ijoollee carraa barnoota tolaa argatan 1,800
2. Ijoollee maatii harkaqalleeyyii 1,000
3. Ijoollee dhaabbaticha keessa bulanii baratan 200

## Gilgaala 3

**Gilgaala kana keessatti barattoonni dubbisa bu'uureeffachuun odeeffaannoo murtaa'aa guutu. Booda immoo dubbisicha haala naannoo isaanii waliin walqabsiisuun ibsu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba irratti gaaffilee kitaaba irratti dhihaatan dubbisicha irra deebi'anii dubbisuun deebisu.
- ✍ Itti aansuun immoo, dubbisa dhihaate bu'uureeffachuun gaaffilee kanneen dhuunfaan akka hojjatan taasisuu.
- ✍ Sana booda kan dhuunfaan hojjatan haala naannoo isaaniitiin walqabsiisanii hiriyoota isaaniitiif yaada isaanii akka dhiheessan taasisuu.
- ✍ Yeroo isaan Yaada isaanii waliif dhiheessan gargaaruu.
- ✍ Dhumarratti, yaada isaanii irraa fuudhuun bakka barattoonni hubannoo hin argatiinitti irra deebi'anii akka isaan wal-hubachiisan gochisiisuu.

## Deebii gilgaala 3

1. a
2. b
3. Daa'imman kana hunda guddisuu hin danda'u waan jedheef
4. Wanta seenaa Abbabach Goobanaa irraa baratan harkaa fuudhaa.

## Gilgaala 4 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota kennaman tartiiba seenaa eeguun keeyyata tokko ni barreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

✍ Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataa irratti kennaman akka dubbisan hubachiisuu.

✍ Himoota tartiiba isaanii hin eegganne kitaaba barataa irratti barreeffaman dursanii dubbisiisuu.

✍ Himoonni waljala fuudhamanii tartiiba seenaa tahuu itti himuu.

✍ Himoota waljala fuudhaman kana immoo tartiiba sirriin akka ka'an qajeelchuu.

✍ Itti aansuun,tartiiba sirriitiin himoota qindeeffachuu isaanii adda baafachuu.

✍ Himoota tartiibeffame akka keeyyata tokko taasisanii barreessan gochuu.

✍ Yeroo isaan keeyyata barreessan gargaaruu.

✍ Haalaan barreessuu isaanii sirritti ilaaluun dareef akka dhiheessan taasisuu.

✍ kaayyoo kana mirkaneeffachuu isaanii madaaluu. Bakka barataan hubannaa hin argatiinitti irra deebi'uun hubachiisuu.

✍Dhumarratti, hojii manaa kana fakkaatu akka hojjetanii dhufan ajajuu.

## Deebii gilgaala 4: 5, 6, 2, 3, 4, 1, 7.

Abbabach Goobanaa shawaa kaabaatti dhalatte. Bara 1973 Maaramii Gisheen daawwachuu deemte. Daa'ima haadha duute harma hootu agartee fudhatte. Achumaan daa'imman biroos fudhattee guddisuu eegalte. Kanaaf, Abbaan manaa

ishee manaa ari'e. Sanaa booda, mana lukkuu itti horsiisanitti galte. Dhuma irratti, dhaabbanni ishee beekamtii argate.

## Gilgaala 5 (Wayitii 2)

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota keessatti qubguddeessa sirreessanii barreessuu ni shaakalu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍Ajaja kitaaba barataa irratt dhiyaate akka sirriitti dubbisan taasisuu.
- ✍Erga dubbisanii booda fakkeenya kitaaba barataa irratti kennaman keessatti itti fayyadama qubguddeessaa hubachiisuu.
- ✍Sana booda gaaffilee kitaaba irratti barreeffaman akka dubbisan taasisuu.
- ✍Dhuunfaadhaan gaaffilee qubguddeessaa akka hojjatan taasisuu.
- ✍Deebii isaanii nama lama lamaan akka walitti agarsiisan gochuu.
- ✍Yeroo isaan waliin hojjetan deeggarsa barbaachisaa ta'e taasisuufii, haalota adda addaas mijeessuufii.

☞ Waan isaan hojjetan qubguddeessa sirriitti fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhu. Yoo barbaachisaa ta'e, hojii isaanii sororsuufii.

☞ Dhuma irratti, bakka barattootaaf ifa hintaane irra deebi'uun hubachiisuu.

☞ Hubannoo ga'aa akka argataniifis hojii manaa kana fakkaatu kan biroo kennuufii.

## Deebii gilgaala 5

1. **I**joolleen **T**ulluu **F**infinnee jiraatti.
2. **D**aa'imman gargaaruu barbaachisaadha.

3. **D**haabbata **I**joolee **M**aatii **D**habeeyyiifi **B**arumsaa.
4. **A**bbabach bara 1973 **W**allo deemte.

## Gilgaala 6 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti seenaa dhiyaate bu'uureeffachuun seenaa ofii keeyyata tokko nibarreessu.**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Ajaja kitaaba barataa irra jiru akka dubbisan qajeelchuu
- ✍ Sana booda seenaa Fittaalee akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Ergaa dubbisanii booda fakkeenya kitaaba barataa irratti kenname keessatti seenaa Fittaalee akka itti barreeffame hubachiisuu.
- ✍ Sana booda haala fakkeenya kennameen seenaa ofii keeyyaan akka barreessan taasisuu
- ✍ Seenaa isaanii sirnaan barreessuu isaanii mirkaneeffachuu.
- ✍ Erga barreessanii seenaa isaanii dareef akka dubbisan taasisuu
- ✍ Yoo barbaachisaa ta'e, hojii isaanii sororsuufii
- ✍ Dhuma irratti, bakka barattootaaf ifa hintaane irra deebi'uun hubachiisuu.

## Gilgaala 7 (Wayitii 3)

**Gilgaala kana keessatti xalayaa dhiyaate bu'uureeffachuun xalayaa tokko hiriyaa isaaniitiif barreessuu shaakalu**

## Ga'ee barsiisaa

- ✍ Jalqaba xalayaa kitaaba isaanii irratti dhiyaate akka dubbisan taasisuu.
- ✍ Ergaa dubbisanii booda fakkeenya xalayaa Siddisee Roorrisaa, Iftuu Baalchaatiif barreessite akka isaan hubatan taasisuu
- ✍ Sana booda haala fakkeenya dhiyaate ilaaluun kan ofii isaanii akka barreessan shaakalsiisuu.
- ✍ Xalayaa isaanii sirnaan barreessuu isaanii mirkaneeffachuu.
- ✍ Erga barreessanii dareef akka dubbisan taasisuu
- ✍ Yoo barbaachisaa ta'e, hojii isaanii sororsuufii
- ✍ Dhuma irratti, bakka barattootaaf ifa hintaane irra deebi'uun hubachiisuu.